Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Volume 5, No.2, June 2022
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

*Full Length Research Paper*

# Fuulleffannaa Teeknikaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa

**Ashannaafii Balaay[1]*, Lachiisaa Fayyeeraa[2], Birhaanuu Tasfaayee[3], Likkituu Balaay[4] fi Abdurahmaan Abdulqaadir[5]**

[1]*Muummee Afaan Ingliziifi Ogbarruu, Yunivarsiitii Jimmaa,
[2, 3,4] Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Yunivarsitii Bulee Horaa,
[5]Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Yunivarsitii Baahir Daar

Submission Date: August 03, 2021
Acceptance Date: April 20, 2022

## Axareeraa

*Qorannoon kun xiinxala fuulleffannaa teeknikoota walaloolee Zalaalam Abarraa filataman irratti xiyyeeffata. Waloon kun finna ogwalaloo Oromoo ammayyaatiif gumaacha guddaa nama taasise haa ta'u malee, hojiileen isaafi waloolee Oromoo kaanii xiyyeeffannaa qeeqa saayinsawaa hinarganne. Keessumaa teeknika walaloo irratti fuulleffachuun qoranoon gabaafamee maxxansa argate hinjiru. Qaawwa kana bu'uura godhachuun barruun kun walaloolee Zalaalam keessaa afur filachuun dayeessa akkaatummaa fayyadamee xiinxala teeknikaa taasisuurratti fuulleffate. Walalooleen filataman Malli Maali, Maraadhu Namana, Eeyyeefi Ana Anaafi An kan jedhaman yoo ta'u fuulleffanna teeknikaa bu'uura godhachuun mala akkayyootiin filatamaniiru. Walaloolee filataman kanas dayeessa akkaatummaa hordofuun mala xiinxala hafee gadi fagoom xiinxalamaniiru. Bifuma kanaan, walalooleen xiinxalaman teeknikoota suuressa miireffannaa, mala seenessa ija nam tokkoffaa, marmaartuulee gosa adda addaafi fayyadama addaa jechootaa irratti akka fuulleffatan adda baafameera. Teeknikoonni dhimma itti ba'aman kunis jabina ergaalee waloloowwan kanaa daran dabaluufi miidhagina miiraafi qalbii dubbistootaa dhuunfatu gonfachiisuudhaaf hojiirra akka oolfaman adda baafameera. Xiinxala taasifame keessatti akkaataan waloon kun teeknika marmaartuufi filannoo jechootaa itti gargaarame addatti ol ba'ee mul'atu yoo ta'u akkaatummaa addaa waloo kanaa kan mul'isudha. Kana malees, hariiroon fayyadama teeknikaafi ergaalee walaloo gidduu jiru jabaafi walunataa ta'uun hubatameera. Finna qorannoo ogbarruu Oromoo gama akkaatummaan jiru jajjabeessuuf walaloolee waloo kanaafi kanneen biroo qorachuun murteessaa ta'uu qorannoon kun kallattii kaa'a.*

**Jechoota Ijoo**: Akkaatummaa, marmaartuu, oguma, Oromoo, teeknika, walaloo



* Corresponding author

## Abstract

*This study presents analysis of stylistic preoccupation of selected poems of poet Zalaalam Abarraa. Despite his immense contribution in the development of modern Oromo poetry, the poet's works, and indeed, the works of other emerging and seasoned Oromo poets have not received critical appraisal so far. Particularly, critical investigations pertaining to the style (techniques) of Oromo poetry are lacking. In the attempt to fill this gap, and to chart a new research line in Oromo literature, this paper dwells on the stylistic analysis of four selected poems of the poet (Malli Maali, Maraadhu Namana, Eeyyee and Ana Anaafi An). The poems were purposefully selected based on the stylistic features they exhibit. Following the method of close textual analysis under the umbrella framework of stylistics, the study presents foregrounded stylistic qualities in the poems. Concomitantly, the analysis reveals that the poet emphasizes on the use of the techniques of sensual imagery, first person point of view, unique use of repetition of various levels, and diction with powerful impact. The techniques used are found to have a paramount contribution towards imparting powerful messages, and in so doing, uniquely arrest the attention of readers/listeners. Besides, the harmony between the use of techniques and the central themes of the poems reveals the fact that they are well thought about. The study reveals that repetition that appears at various linguistic levels, and the choice and arrangement of words, are the overriding techniques the poet employs. In the process of doing the stylistic analysis of the poems, the researchers have witnessed the seam of techniques in Oromo poetry. Hence, they recommend further stylistic investigations into Zalaalam's and other Oromo poets' works.*


**Key Terms**: Stylistics, repetition, literature, Oromoo, technique, poetry

## 1. Seensa

Walaloon ergaa dabarfachuudhaaf afaanitti bifa addaatiin fayyadama. Hayyoonni qorannoo ogbarruu akka kaasanitti teeknikni afaan bifa addaatiin fayyadamuu kun bu'uura jabina ergaa walaloofi hawwannaa isaati. Walaloon gosa artii keessaa karaa ittiin jechoota mimmiidhagoofi udumamootti gargaaramuun yaada keessoo ufii ittiin ibsatani jedhamee fudhatama. Kana malees, gooroowwaan ogbarruu biroo caalaa miidhagina jabaa kan qabu, dhageetti keessoo miiraan ibsachuuf kan tajaajilu, dhugaa hawaasummaa ibsachuuf dhala namaa baroota dheeraaf kan tajaajilaa tureefi jiru ta'uutu ibsama (Wainwright, 2004)

Qeeqa walaloo keessatti dhimmi teeknikaa dhimma akkaataati. Akkaataan immoo akka itti waloon tokko yaada isaa ibsachuuf amaloota afaaniitti fayyadamuuf murteeffatu; filannoofi qindoomina jechootaa, caaseffama gaalee/himaa akkasumas teeknikoota ogwalaloo (poetic devices) biroo bifa isaaf tahuun bilisaan itti faffadamuuti (Carter fi Stockwell, 2008). Kanaafuu, waloon tokko yaada keessaa isaas ta'e kan hawaasa isaa bifa hawwataa ta'een ibsuuf teeknikoota gara garaa fayyadama. Akkaataa ykn teeknikoota waloon tokko gargaaramu xiinxaluun hubannoo ergaa walalichaa guutuu taasisa. Inumaayyuu xiyyeeffannaa akkaataa fayyadama afaanii irratti kennuu dhabuun hubannaa ergaa walaloo hanquu taasisa. Barruun kunis kanuma bu'uura godhachuun walaloolee Zalaalam Abarraa filataman keessatti fuulleffannaa teeknikootaa mul'atan xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Oromoon saba guddaa Afriikaa sirna bulchiinsaa ammayyaa addunyaaf gumaache (Asmarom, 1963), aadaafi duudhaa ogumaa jaarraa hedduu lakkoofsisan qabudha. Afaan isaas sadarkaa Afrikaatti toora jalqabaa irra warra hiriiran keessaa tokko tahuu ragaaleen garagaraa dhugaa ba'u (Mekuria Bulcha, 2011). Oromoon oguma isaa jaarraa hedduudhaaf bifa afoolaan dabarsaa kan dhufe yoo tahu, yeroo dhiyoo as hojiiwwan kalaqaa hedduun barreeffamaan mul'achaa jiru. Dhiibbaa barootaa irra tureen, hanga barbaadamu hinguddatiin malee, yeroo dhiyoo keessa sochiin taasifamaa jiru abdachiisaadha (Asafa, 2009). Kun ta'us garuu uummanni Oromoo akka uummatoota Afrikaa kan akka *Zuuluu, Soomalee, Akaan, Limbaafi Yurbaa* bifa eegamuun ogbarruu isaa daangaa ceesisuun qaama ogbarruu addunyaa taasisuu hindandeenye. Akka uummata guddeessaattis, addunyaa biratti hinbeekamne (Asafaa, 2009). Kuni tahuuf sababiin

hedduu jiraatanillee qorannoon dhimma oguma Oromoo irratti fuulleffatanii gaggeeffaman hanqachuun rakkoo ijooti.

Seenaan finna qorannoo oguma Oromoo namoota biyya biraan (jawaartotaafi misiyoonotaan) jaarraa 19ffaa keessa akka jalqabe, yeroodhuma kana keessa ilmaan Oromoo gabrummaatti gurguramanii carraa barnoota amantiifi ammayyaa argataniin akka lafa qabachaa dhufe hayyoonni gara garaa ni kaasu (Asafa, 2009, Zalaalam, 2003), Akka jalqabbii isaattiifi guddina uummatichaatti garuu qorannooleen taasifaman, keessumaa kan ogbarruu, baay'ee muraasa. Ogbarruun Oromoo bifa bu'uura dhaabbatummaa (inistitutional) qabuun barreeffamuufi qoratamuu erga jalqabee waggoota soddoma lakkoofsisee jira. Yaaliiwwan qorannoo sadarkaa gara garaatti hanga ammaatti taasifaman finna isa ammaatiif bu'uura yoo ta'anillee, qorannooleen saayinsawaa sadarkaafi saffisa oomisha hojiilee kalaqaa kanaan gitan jiraachuu dhabuun qaawwaa xiyyeeffannoo argachuu malu. Kaayyoon barruu kanaas walaloowwan waloo Oromoo beekamaa fudhachuun xiinxala fuulleffannaa teeknikaa taasisuun gumaacha tokko taasisuudha.

## 2. Finna Ogwalaloo Oromoofi Zelealem Aberraa

Raacitiin finna ogwalaloo Oromoo ogafaani (Asafaa, 2009). Walaloon Oromoo dhiibbaa afaanicharra baroota dheeraaf tureen, biiftuu barreeffamaa hinargatiin haaturu malee, kufaatii sirna mootii gonfoo Hayilesillaasee irraa eegalee xurree guddinaa wal'aansoon itti baay'ate irra ture. Kufaatii sirna *Dargiin* booda bara 1991 irraa jalqabee bifa abdachiisaa ta'een barreeffamaa jira. Bifa maxxansa kuusaa walalooleen waggoottan soddoma (30) darban keessa walaloon Oromoo dubbistoota bira gahuun darbee dhimma qorannoo tahee jira.

Seenaa finna isaa keessatti ogwalaloon Oromoo afaaniin darbuu irraa gara barreeffamaan kuufamuufi maxxansa kalaqaa argachuu isaa qorannooleen gara garaa ni ibsu. Zalaalam (2003) barruu isaa "*Transition from Oral to Written Oromo Poetry*" jedhu keessatti cehumsi gara barreeffamaa walaloo Oromoo kan dhufe jaarraa 19^ffaa^ keessa tahuu kaasuun, sana dura gadi qabaan irra ture kanaaf isa saaxiluu: *".... Oromo literature was compelled to remain oral, until the beginning of the 19th century. It was during this period that Oromo traditional poetry, especially from the Western and Central regions underwent a significant transition from oral tradition to documentation"* (2003, ful.120) jechuun ibsa. Jaarraa kana keessa afwalaloo Oromootu gara barreeffamaatti xiqqaatee dhalootaaf akka turu taasifame.

Gumaachi jawaartotaafi mishinaroonni Awurooppaa taasisan afoolli Oromoo barreeffamaan akka kuufamuuf karaa saaquu isaa kan kaasu Zelealem (2003), cehumsi gara barreeffamaa kunis carraaqqii ijoolleen Oromoo gabrummaatti gurguramanii booda bilisa ba'an kan akka Oneesmoos Nasiibiifi Asteer Gannoo fa'iin jajjabaachuu isaa eera. Gumaacha ijoollee Oromoo kana keessaas hojiilee jaarraa 20^ffaa^ keessa sagalee Afrikaa mul'isan jedhamuun bara 1988 *Chinweizu*'n mata duree *Voices from Twentieth-Century Africa, Griots and Towncriers* jedhuun maxxansiise keessa walalooleen muraasa ammatamuun qorataan kun ibsa. Kana malees, qorannoon kun, namni biyya Raashiyaa dhuma jaarraa 19^ffaa^ keessa Oromoo gidduu jiraataa ture kan *Alexander Bulatovich* jedhamu ogwalaloon jiruufi jireenya guyyuu Oromoo keessatti bakka guddaa qabaachuu akka dhugaa ba'e bareessa.

Haata'u malee, akkuma armaan olitti ibsuun yaalame, hanga sirni mootummaa gonfoo Hailesillasee bara 1974 sochii uummataan kufuutti dhiibbaa Afaan Oromoo irra tureen walaloon Oromoo barreeffamaan hinmul'anne. Kufaatii mootummichaan booda jijjiirama dhufeen gaazexaan *Bariisaa* maxxanfamuu yoo jalqabu barreeffama walaloo Oromootiif boqonnaa haaraa kan bane ta'ullee, dhiibbaa afaanicharra tureen akka barbaadamuttiifi qubee barbadamuun barreessuun akka hindanda'amne sirni *Dargii* dhiibbaa taasisaa tureera (Tamene, 1983, ful.317)

Jijjiirama mootummaa bara 1991 booda, murtee fayyadama qubee Afaan Oromoo amma hojiitti jiruu dabarfameen, ogbarruun Oromoo boqonnaa haaraa biraatti ce'e. Bara mootummaa cehumsaa keessa kaka'umsa tureen hojiileen kalaqaa hedduu maxxanfamanii dubbisaaf kan dhiyaatan yoo ta'u, gama walaloo Oromoon kuusaa walaloo *Billiqa* jedhu Xahaa Abdii baruma 1991 maxxansiisee isa angafaati. Kana malee galaalchawwan yeroo sana turan guddina walaloo Oromootiif gumaacha addaa taasisaniiru (Zalaalam, 2003; Tafarii, 2015). Waggoottan soddoma (1991—2021) darban keessattis gooroon ogbarruu Oromoo kun bifa abdachiisaa ta'een guddachaa jira.

Seenaa guddina walaloo Oromoo keessatti waloowwan hojii kalaqaa jajjaboo oguma Oromootiif gumaachanii kallattii guddina isaatiifis xurree haaraa baasan keessaa tokko waloo Oromoo beekama Zalaalam Abarraati. Waloon kuni walaloolee dhuka qaban gaaffiifi komii, roorroofi hinsarmuu uummata Oromoo irratti fuulleffatan jechoota miira dubbisaafi dhaggeeffataatti dhihoo ta'an fayyadamuun barreessuun beekama. Walalooleen Zelealem waan hawaasa keessatti akkaafi akka-malee ta'an bifa hawwannaa qabuun ibsu. Waloon kun walaloolee afaan biroo irraa gara Afaan Oromootti hiikuun muuxannoo hawaasa addunyaa Oromoo waliin dhugaa qooddatan dubbistootaaf dhiyeessuun beekama. Kuusaa walaloo isaa mata duree *Obomboleettii* jedhuun bara 2017 maxxansiise keessatti walaloolee Tsaggaayee Gabramdihin dabalatee kan barreessitoota gurraacha Ameerikaa kudha shan(15) dhiyeessee jira. Gaaffii barbaachisummaa jijjiirraawwan walaloolee kanaa waliin walqabatee dhiyaateefii Zelealem, "*ergaa ciccimoo qabu, sabni gidiraa keessa jiru tokko attamittiin akka of ibsu, akka dadammaqiinsa uumuu walaloo barreessa. Kanaaf, kunimmoo saba keenya waliin walfaakkaata*" jechuun muuxannoo addunyaa saba Oromoo waliin dhugaa qooddatu giddugaleeffachuun akka ta'e ibsa (*Oromia Broadcasting Service (OBS), Qophii Iyyaafanno* https://www.youtube.com/watch?v=dj8sxuvOQSw)

Zalaalam barreessaa walaloo ta'uun haabeekamu malee qorataa ogwalaloo Oromootis. Ogummaa gaazexeessumaa kan barate, waloon kun, walaloofi waloo duudhaa Oromoo irratti barruu qorannoo maxxansiiseera. Kana malees, yeroo gara garaatti barruu qorannoo dhiyeessuun beekama. Waloon Oromoo kun walaloo hedduu sagaleedhaan, kitaabaan, akkasumas karaa miidiyaa hawaasaafi marsariitii dhuunfaa isaatiin (www.oromoliterature.com) dhiyeessuun ogbarruu Oromoo fuulduratti tarkaanfachiisuuf gumaacha guddaa kan taasisaa jiru yoo tahu, akka gumaacha isaatti xiyyeeffannoo qorannoo/qeeqa saayinsaawaa hinarganne jechuun nidanda'ama.

Qorannoolee hojiilee Zalaalam irratti gaggeeffaman yoo sakatta'aman carraaqqii muraasa qofatu mul'ata. Akka qorannootti Sinqinash Alamuu (2019) mataduree "*Qaaccessa Malleen Dubbii fi Sureessuu Walaloo 'Obomboleetti' Keessatti"* jedhu irratti qorannoo digirii lammaffaa kuusaa walaloolee Zelealem irratti gaggeessite malee addatti hojiisaa xiyyeeffatanii kan gaggeeffaman hinjirani. Sinqinash qorannoo kana keessatti tajaajila malleen dubbiifi Suuressuu walaloo isaa fudhattee kan xiinxalte yoo ta'u gosoota, hariiroofi gahee isaanii irratti xiyyeefachuun teeknikoonni ergaa bifa golgaa ta'een dabarfachuuf akka dhimma itti ba'aman eerti.


Walaloo Zalaalam irratti qorannoon sadarkaa maxxansa barruu argate hinjiraatiin malee, carraa teeknoolojiin miidiyaa idilee, midiyaa hawaasaafi marsariitiin uumeen walaloon barreessaa kanaa dhimma mariifi xiinxalaa dubbistootaafi dhaggeeffattootaa ta'uun isaa hinoolle. Gama kanaan, miidiyaaleen gara garaa yeroo gara garaatti gaaffiif deebii waloo kana waliin taasisuun waa'ee waloo kanaa dabalatee, ergaaleefi xiyyeeffannoo walaloo isaa irratti hawaasni akka hubannoo argatu carraaqaniiru. Akka fakkeenyaattis miidiyaaleen kan akka *BBC*[a] *Afaan Oromoo, OBS*[b], *OMN*[c], *VOA*[d], fi *Raadiyoo Hafuura Biyyaa,.* yeroo gara garaatti barreessicha

[a] British Broadcasting Corporation- BBC Afaan Oromoo
[b] Oromia Broadcasting Service - OBS

waliin marii taasisuun dhimma walaloolee isaafi ogummaa isaa iyyaafachuun hawaasaaf dhiyeessaniiru.

Akka waliigalaatti, ogwalaloo Oromoo irratti xiinxalli gaggeeffaman hedduu jiraachuu baatanillee, barattoonni digrii lammaffaa muummeewwan Afaaniifi Ogbarruu Oromoo gumaacha gara garaa taasisanii jiru. Akka fakkeenyaatti walaloo sirbaafi walaloolee maxxansa argatan irratti, keessumaa xiinxala caasaafi qabiyyee irratti kanneen dalagan keessaa muraasni, Sinqinash Alamuu (2019), Ibsaa Addunyaa (2016), Caalaa Ejjetaa (2019), Siisaay Magarsaa (2019), Habtaamuu Baluudee (2019), Soofiyaa Huseen (2019)fi Caalaa Birrinaa (2019) yoo tahan xiyyeeffannoon isaanii xiinxala fayyadama malleen dubbiifi afaaniiti. Kan Sinqinash (2019) kallattumaan kuusaa walaloo Zalaalam Abarraa irratti kan hundaa'e yoo ta'u kanneen hafan walaloolee waloowwan Asafaa Tafarraafi Lataa Qana'ii, kaan ammoo walaloolee sirbaa weellistoota Oromoo garagaraa fudhachuun qoratani. Walaloo Oromoo barreeffamaa irratti qorannoon hedduu hinjiraatiin malee, afwalaloorratti garuu qorattoonni hedduu dhimma godhatanii qorachuun maxxansiisaniiru.

Bu'aaleen teeknoolojii ammayyaa waltajjii kalaqaafi qeeqa ogbarruu kan ta'aa dhufan, kanneen akka marsariitiifi miidiyaaleen hawaasaa gama hanqina qorannoo walaloo Oromoon mul'atu duuchuuf carraa haaraa ta'aa dhufaniiru. Haaluma kanaan, marii sabaahimaaleen idilee waloo Oromoo kana wliin taasifame malee, namoonni hedduu hojii Zalaalam irratti xiinxala jabaa gaggeessuun fuula miidiyaa hawaasaa isaanii irratti maxxansu. Keessumaa, gama miidiyaa hawaasaan qeeqni hojiilee ogbarruu Oromoo irratti taasifamaa jiran xurree haaraa saaqaa waan jiran fakkaatu. Kanaan walqabatee walaloo Zalaalam irratti xiinxalli Sadaasa 2020 fuula feesbuukii "*Walaltu Walalota*" (https://www.facebook.com/walaltu.walalota) jedhamu irratti mata duree "*Football Talks Poetry: Uggum....; Kubbaa Miillaa*" jedhuun maxxanfame yaada dubbistootaafi barreessichaa kan hawwate yoo ta'u, Zelealem xiinxala gaggeeffame kana dinqisiifachuun hordoftoota isaaf qoodee jira.


Zelealem Aberra Tesfa
November 26, 2020 ·

Namni Walaltu Walalota jedhamu tokko, qeeqtu ogbarruti natti fakkaata, du'a Maradoona sababa godhachuun walalookoo "Uggum...Kubbaa Miillaa" jedhamu akka armaa gadiitti hiikuu yaale, achumaanis ekeraan Maradoona akka gaaddisa muka dirree kubbaa jiru jala boqotu hawweefi. Akkataan qeeqasaa kun nu warra reefuu ogbarruu afoolaa keessaa gara ogbarru barreeffamaatti ceyaa jirruuf waa yaada kennuunsaa hinoolu jedheen qeeqsaa fi walaloo sana asirratti isini maxxanse. Qeeqi Walaltu afaan Engliziin dhiyeesse akka armaa gadiitti dubbifama:
* * *

---

[c] Oromia Media Network - OMN
[d] Voice of Amerika – Sagantaa Afaan Oromoo

**Zelealem Aberra Tesfa**
December 4, 2020 ·

• Dear colleagues,
I think it is safe to say that the three essential necessities for the development of a people's literature is the active contribution the three literary bodies: the writer, the reader and the critic are making. We, as late arrivals to the world of written literature seem to lack all. I mean we don't have a literary society i.e. the three essentials I mentioned. But now and then there appears some courageous individual who takes the bull by the horn; like for instance Walaltu Walalota; a promising critic who I believe is a lawyer by training but who also comfortably glides and even soars high up above the stratosphere of literature. Recently he took a critical shot at one of my poem - "Uggum....Kubbaa Miillaa"- and came up with a very good critical analysis that could lay the grounds for those Oromoos who aspire to pick up literary criticism as a hobby or as a profession. Here is his work entitled: Football Talks Poetry which I hope you all will enjoy:
***

(https://www.facebook.com/ZelealemAberraTesfa)

Xiinxalli fuula miidiyaa hawaasaa kanarratti maxxanfame kun irra jireessaan walaloo Zelealem "*Uggum Kubbaa Miillaa*" jedhu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u addunyaa kanarraa du'aan boqochuu taphataa kubbaa miilaa beekamaa lammii biyya Arjentiinaa *Armendo Diago Maradona* sababeeffachuun akka xiinxale qeeqaan kun barreessa. Seensa xiinxalaa isaarrattis qeeqaan kun barreeffama isaa kanaan qeeqxota biroo jajjabeessuu akka kaayyeffate "*I hope this will encourage Oromo literary scholars to produce works of serious literary criticism on the works of Zelealem and other writers of serious literature*" jechuun kaka'umsa uumuuf akka kaayyeffate ibsa. Xiinxala kana keessatti seenessaan (*speaker*) walaloo kanaa tapha kubbaa miilaa dirree keessatti taasifamu yoo daawwatu waan ajaa'ibsisiisaa isa mudateefi haala sana keessatti yaadaan imaluun waa'ee jiruufi jireenyaa akkataa inni ibsetu dhiyaate.

Xiinxalli *'Walaltu Walalota'* gaggeesse kuni jabina teeknikoota walaloo Zalaalam kan mul'isu yoo ta'u, dandeetti addaa waloon waan duudhaafi ammayyaa walbira fiduun dhiyeesse—haala qalbii dhaggeeffataa rarraasee – lafuma jiru irraa akka inni manaabaan dirree kubbaa miilaa keessatti of-argu, wacaafi sochii, sirbaafi machii achi keessatti argamu sana akka miireffatu taasise akkas jechuun eera "*the experience is heightened by the magical correlation of words, expressions, similes, and neologisms drawn from our pristine or pastoral or agrarian backgrounds with that of the ultra-modern setting of a western stadium filled to the brim with rabid football fans."* Qalbiidhaan dur-duriitti deebisee, akka namni yaadu dirqisiisa: yoomessa haaraa keessa galees akka hubatu walbira qabee bakka tokkotti araarsee akka dhiyeessu ibsa.

Akka xiinxalaan kuni ibsetti, malli waloon fayyadame dandeetti afaaniiti—jechoota duudhaa dagataman fidee kan aadaa biraas ergifatee lameenuu walqixa ergaa barbaade ittiin dabarfachuu danda'uu isaatiini. Kuni akkaatummaa/teeknika hojiilee Zalaalam gara garaa keessatti mul'atan yoo tahu dandeettii addaa inni ittiin dinqisiifatamudha. Afaan Oromoo hawaasa baadiyyaa/qotee bulaan guyyuu itti fayyadamu fidee yoomessa haaraa keessatti dhimma itti ba'a. Afaan Oromoo daangeffamee duriifi baadiyyaa fagoo keessatti hambifamuuf dirqame sana, bidiruu tahee galaana magaalummaafi ammayyaa – ceesisuun lubbuu itti hora. Jecha uumees, jecha ergifatees bifa ergaa haala ajaa'ibsiisaa ta'een ibsachuuf itti fayyadama; kan haaraa kalaqames kan ergifatames osoo namatti hinfakkaatiin ergaa jabaa ittiin dabarfata.

Xiinxalaan kuni walaloolee isaa gara garaa keessatti Zelealem akka seenduubee gara garaa fayyadamuun dhimmoota ijoo jiruuf-jireenya Oromoo kaasuu irra darbee kennaa/dandeettii isaa

addaa kana fayyadamuun jechoota Oromoo yeroo keessa dagataman yaadachiisa—haaraa kan ta’an kalaquunis qaawwa afaanichi qabu duucha jechuun ibsa. Akka qeeqaan kuni kaasutti teeknikni Zalaalam walaloo isaa keessatti fayyadamu dhaggeeffataa kan kofalchiisaa, gammachiisaa boossisuudha. Fayyadama jechootaafi hariiroo namootaa inni kaasu, dubbisaan hubate qobaa kolfa—kolfa isaa keessatti garuu hiree ilmoo namaa walaloolee sana keessatti ibsaman hubachuun imimmaan lolaasa—kuni dandeettii waloo kanaati— “*tears of laughter and tears of sorrow come out of the same eyes*,” jechuun ibsa. Qabxiileen xiinxalaan kuni kaase hojiilee Zalaalam Abarraa keessatti teeknikoonni faayidaarra oolan maal akka fakkaatan akka gaafannuuf ka’umsa jabaa ta’aniiru.

Walumaagalatti, sakatta’a armaan olii irraa hubachuun akka danda’amutti qorannoon ogwalaloo Oromoo irratti gaggeeffame muraasa yoo ta’u kallattiin qorannoo hordofames kan ogwalaloo sana daangaa ceesisu miti. Gama biraatiin waloon Zalaalam finna ogwalaloo Oromoo keessatti gumaacha guddaa qabaatus xiyyeeffannoo qorannoo hinarganne. Fakkeenyaaf, xiinxala bilchina qabu teeknikoota/akkaataa hojiilee waloo kanaa irratti hingaggeeffamne. Kanaafuu, barruun kun dhabamuu hojiilee qeeqaa/qorannoo akka qaawwaatti fudhachuun, qeeqa fuulleffannaa teeknikoota walaloolee filataman irratti gaggeeffame dhiyeessa. Kanas galmaan ga’uudhaaf kaayyoo ijoo fuulleffannaa teeknikoota walaloolee Zalaalam filatamanii xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u gumaacha teeknikoonni kun ergaalee walalootiif qaban dabalataan ibsa.

## 3. Xinmala Qorannoo

### 3.1. Malleen Qorannoo

1. Kaayyoon ijoo barruu kanaa walaloolee Zalaalam Abarraa filataman keessatti fuulleffannaa teeknikootaa xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga’uudhaaf gosa qorannoo akkamtaa keessaa saxaxa addeessaa kan dhimma itti ba’ame yoo ta’u, walalooleen afur xiyyeeffannoo akkaatummaa irratti hundaa’uun mala akkayyoon filatamaniiru. Ragaan bu’uuraa qorannichaa teeknikoota hafee walaloo keessatti dhimma itti ba’aman yoo ta’u walalooleen barruu kana keessatti irratti xiyyeeffatamaniifi kaayyeffachuun filataman afran *Malli Maali*, *Maraadhu Namanaa*, *Eeyyee* fi *Ana Anaafi An* jedhamanidha. Akka armaan olitti tuquun yaalame, xiinxalli teeknikaa akkaataa waloofi walaloo qorachuun gaggeeffama. Kanaafuu, fuulleffannaa teeknikoota walaloolee filatamanii xiinxaluuf mala qaaccessa ragaa dayeessa akkaatummaa bu’uureffate hordofuun barbaachisa. Haaluma kanaan malli xiinxala hafee (close textual analysis) kan dhimma itti ba’ame yoo ta’u hafeewwan walaloolee filatamanii keessatti hariiroon teeknikootaa mul’ataniifi gumaacha isaan ergaa bifa addaan dabarsuu keessatti qaban sadarkaalee amaloota afaanii (linguistic features) gara garaa irratti hundaa’uun xiinxalli gaggeeffameera. Adeemsi xiinxala gaggeeffamees, akkuma armaan gadiitti dhiyaate, dayeessa akkaatummaa hayyoonni bu’uuressan irratti hundaa’a.

### 3.2. Dayeessa: Akkaatummaafi Xiinxala Walaloo

Xiinxala hojii ogbarruu keessatti akkaataan bakka murteessaa qaba. Akkaataan waloo tokkoo haala fayyadama afaanii addatti dhimma itti ba’ee ergaa bifa hawwataa ta’een dabarfatu irratti hundaa’a. Dayeessa akkaatummaa hordofuun walaloolee filataman keessatti fuulleffannaan teeknikaa kan xiinxalame yoo ta’u gumaacha teeknikoonni qindoomina yaadaafi jabina ergaaf qaban adeemsa xiinxalaa keessatti dhiyeessuun yaalameera,

Akkuma seensa irratti kaafame, gooroowwan ogbarruu keessaa walaloon afaan bifa addaatiin itti fayyadama; keessumaa ammoo fayyadama suuressa, malleen dubbiifi filannoo jechaan beekama. Qorannoon akkaatummaas xiinxala waa’ee akkataa barreessaan afaan bifa addatti (uniquely) fayyadamuun ergaa jabaa dabarsuuti. Kanafuu, qorataan akkaatummaa walaloo qoratu xiinxala isaa saayinsawaa taasisuuf fayyadama afaanii irratti bu’uureffata (*Fish*, 1996). *Widdowson* (1996) akkaatummaa—qorannoo tajaajila afaan hawaasummaa keessatti qabu jechuun hiika. Hafeewwanis akka qaama walquunnamtii hawaasummaatti ilaala. Akka *Ogungbenu*fi *Ebiarede* (2016, ful.31) jedhanitti ammoo, dubbistoonni akka akkaataatti kan fudhatan bu’aa caaseffama fayyadama afaanii (xinqooqaa) tahuu “*What passes as style to a reader is the effect created by*

*the linguistic structures used by the writer and their deployment within a work of art. Thus, analyzing the formal features of a work of art will yield interesting facts about a writer's style."* jechuun ibsu. Akkaataa barreessaa tokkoo hubachuufis amala bifeessuu/caaseeffamaa xiinxaluun barbaachiaadha.

Kanarraa ka'uun, icciitiin hawwannaa walaloolee Zalaalamis ta'e waloowwan biroo fayyadama afaanii ykn akkaatummaa keessa jiraachuu hubanna. Akkaataa kana qorachuun akkaatummaa barreessaafi walaloo Oromoo xiinxaluuf carraa kenna. Kanuma bu'uura godhachuun barruu kana keessatti walaloolee muraasa fudhachuun dayeessa akkaatummaa hordofuun xiinxala gaggeessuun yaalameera.

Oguma keessatti dhimmi akkaatummaa hayyota gara garaa biratti bifa adda addaatiin hubatama, hiikamas. Akka *Leech* (1969) ibsutti akkaatummaan xiinxala waa'ee akkaataati. Akkaataan immoo "akka itti waan tokko himamu, barreeffamu yookiin raawwatamudha" jechuun ibsa. Hiikkaa irra keessoon yoo ilaalame akkaataan mul'istuu malaa ykn akka itti namni tokko dubbatu ykn barreessu jechuudha. Kun immoo filannoofi fayyadama jechootaa, ijaarsa himaafi malleen dubbii of-keessatti ammatuu mala. *Leech*fi *Short* (1981) waa'ee akkaataa ennaa ibsan, haala jiru keessatti namni tokko kaayyoo isaa galmaan ga'uuf akka itti afaanitti dhimma ba'udha jechuun kaa'a. Hiika biraatiin, mala ittiin waa dhiyeessani jechuudha. Kanumarraa ka'uun qorannoon/xiinxalli dhimma akkaataa bu'uureffatee gaggeeffamu *akkaatummaa* jedhama. *Widowson* (1975) akka hiikutti akkaatummaan xiinxala/ qorannoo haala hiikaa ogbarruu xinqooqa irratti bu'uureffachuun gaggeeffamudha. Yaaduma kana *Simpson* (2004, ful. 49) yoo ibsu "xiinxala akkaatummaa gaggeessuun amaloota afaanii (*linguistic features*) hojii ogbarruu keessatti qorachuu (*explore*), keessumaa kalaqummaa fayyadama afaanii keessatti mul'atu sakatta'uudha" jedha.

Qorannooleen ogbarruu dayeessa akkaatummaa hordofuun gaggeeffaman ibsa amaloota afaanii (*linguistic features*) irratti hundaa'uun fayyadamni afaanii dabarsa ergaa ogbarruutiif gumaacha inni qabu xiinxala. Dayeessa kana keessatti fayyadama afaanii qorachuun hariiroo teeknikootaafi ergaa hojii ogbarruu tokkoo hubachuuf daran akka gargaarutti hubatama. Xiinxala kana gaggeessuufis amaloota afaanii (*linguistic features*) sadarkalee xiinxala afaaniifi hariiroo ergaaleefi fayyadama afaanii ilaaluun barbaachiaadha. Haaluma kanaan xiinxala fuulleffannaa teeknikoota walaloolee Zalaalam Abarraa gaggeessuuf, walaloolee filataman keessatti amaloonni afaanii tajaajilaafi hiika adda addaa kennuuf akkatti hojiirra oolan xiinxaluun kan dhiyaatu yoo ta'u sadarkaalee xinqooqaa gara garaa keessatti fayyadamni isaanii maal akka gumaachu madaaluun barbaachisa.

Sadarkaa xiindhmsagaatti qindoomina sagaleefi akkaataa walaloon tokko itti fayyadamee dhaamsa dabarfatutu qoratama. Amaloonni xiindhamsagaa akkaatummaa xiinxaluuf hojiirra oolan keessaas muraasni safara, qindoomina/caasaa sagalee (*sound pattern*), marmaara/ deddeebi'ii dubbifamaafi dubbachiiftuun akkasumas jechaafi gaalee ni argamu (*Kemertelidze* fi *Manjavidze*, 2013). Xiinxala walaloo keessatti sadarkaa sagaleetti teeknikoonni faayidaarra oolan suuressuu, hawwannaa sagaleefi miidhagina/harkisa walaloo dabaluun ergaa darbu miiratti dhiyoo taasisuuf tajaajilu.

Amaloonni sadarkaa xinjechaafi himaa irratti mul'atanis jabina teeknikaafi ergaa walaloo tokkoo kan dabalanidha. Haaluma kanaan, xinjechi fayyadama jechootaa afaanichaa keessaa yoo tahu, xinhimni caaseffama himaafi seera isaa ilaallata (*Simpson*, 2004). Akkaataan isaan kuni walaloo keesatti hojiirra oolfaman jabina ergaafi hawwannaa walalichaaf gumaacha kan qabu ta'au. Fakkeenyaaf tartiibessuun jechootaa haala addaan mul'atan, gumaacha mataa isaanii qabu. Kana malees sadarkaa kanatti jecha keessaa hambisuu, irra deddeebi'uun, adeemsa ijaarsa jechaa afaan tokko keessatti akkasumas caaseffamaafi akkaataa ijaarsaa jechaa ilaallatee kan waloon bifa isaaf ta'uun tolchu qaama xiinxala akkaatummaati.

Barruun qorannoo kun fuulleffannaa teeknikoota hedduminaan walaloolee filatamanii keessatti mul'atan (*foregrounded*) irratti kan daangeffame yoo ta'u, addumatti suuressa miireffannaa (*imagery*), kallattii seenessuu (*point-of-view*), marmaartuufi fayyadama jechootaa irratti xiyyeeffata. Keessumaa marmaartuun addatti sadarkaalee gara garaatti waan mul'atuuf qoodinsa *Kemertelidze*fi *Manjavidze* (2013) hordofuun xiinxalli walaloolee filatamanii gaggeeffameera.

Akka *Kemertelidze*fi *Manjavidze* (2013) ibsanitti marmaartuu (*repetition*) ogbarruu keessatti Duree (*anaphora*), Duubbee (*epiphora*), Duub-duree (*anadiplosis*), Qajeelchituu (*framing*), Hundee (*Root*), Walqabsiisaa (*Chain*), Fakkaattii (*synonymous*), Faffaca'aa (*scattered*)fi Ergaa (*thematic*) jedhanii qooduun ni danda'ama. Marmaartuun gosa gara garaa kunneen walaloolee Zalaalam keessatti argaman tajaajila akkamii kennu gaaffiin jedhu qaama xiinxala barruu kanaa waan ta'eef, maalummaa gosoota kanaa yaada hayyoota kanaa irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti gabaasuun dhiyeessuun yaalameera.

Marmaartuun Duree himoota lamaafi isaa ol keessatti jecha ykn gaalee irra deddeebi'ee dhufu jechuu yoo ta'u, hariiroon sududaa (*parallelism*) jiraachuu mul'isa. Gosti marmaartuu kun walaloo keessatti walfakkeenya sagaleessuu (*sound harmony of speech*) dabala. Marmaartuun Duubbee ammoo jecha ykn gaalee dhuma himootaa irratti irra deddeebi'ee mul'atu (marmaaru) bakka bu'a. Marmaartuun kunis yeedalloo walaloo (*rhythm*) qindeessuudhaaf tokkummaa sagalee dhuma bo'oo irratti mul'isuu gonfachiisuufis gargaara. Marmaartuun dureefi duubbee takka takka walfakkeenya caaseffama himaa mul'isuudhaaf (*syntactic parallelism*) walfaana dhimma itti ba'amu. Gosti marmaartuu sadaffaa Duub-duree (*anadiplosis*) yoo ta'u jechi ykn gaaleen marmaaru dhuma hima jalqabaafi jalqaba hima itti aanuu irratti yoo mul'atedha (*Kemertelidze*fi *Manjavidze*, 2013).

Marmaartuun Qajeelchituu (*framing*) sadarkaa bo'oo, buufataafi guutummaa walaloo irratti kan mul'achuu danda'u yoo ta'u, marmaara jalqabbii caasaa himaafi dhuma isaa irratti irra deebi'amu, keessumaa dhuma buufataa irratti irra deebi'ee mul'atudha. Faayidaan marmaartuu qajeelchituu kunis yaadi jalqabame goolabamuufi guutuu ta'uu isaa agarsiisuudha. Walaloo keessatti, fakkeenyaaf, kan mata duree keessatti ibsame toora ykn bo'oo dhumaa irratti yoo irra deebi'ame qajeelchituu ta'a. Marmaarri qajeelchituu kuni ergaa walalootiifis hojjechuu mala. Ergaan tokko jalqabaafi dhuma walaloo irratti yoo irra deebi'ame, teeknikni kuni dhimma itti ba'amuu mul'isa. Haaluma kanaan, qajeelchituun yaada hafee ykn walaloo keessatti jalqabarra kaafame daran ibsuuf tajaajila. Kan jalqaba jedhameefi dhumarratti irra deebi'ame gidduu kan dhiyaatan hunduu yaaduma jalqaba kaafame addeessaa dhufuun ibsi barbaadame yoo xumuramu kan jalqabaa irra deebi'uun goolabama. Teeknika kana fayyadamuu keessa, hiikkaan walaloo qabatamummaa argata (*Kemertelidze*fi *Manjavidze*, 2013).

Gosti marmaartuu biraa kan Marmaartuu Hundee (*Root*) jedhamu yoo ta'u jechoonni hundeen isaanii tokko ta'ee hiikaan gargar ta'uu danda'an yoo marmaaran kan uumamudha. Marmaarri Walqabsiiftuu (*Chain Repetition*), kan mul'atu yoo marmaarri duub-duree lamaafi sanaa ol walitti aansanii yoo hiriiran ta'a. Marmaarri fakkaattii (*Synonymous*), gama biraatiin, jechoonni ykn gaaleewwan hiikaan walfakkaatan walaloo keessatti yoo dhimma itti ba'aman kan mul'atudha. Marmaartuun Faffaca'aa (*scattered*) guutummaa walaloo keessatti jechoonni bakka gara garaatti bifa caaseffama addatti bahee mul'atu hinqabneen marmaaran yoo ta'u, Marmaarri ergaa (*Thematic Repetition*) ergaan walalichaa irra deddeebi'uun bakka gara garaatti yoo mul'atu adda baafama (*Kemertelidze*fi *Manjavidze*, 2013). Qoqqoodiinsa kanarratti hundaa'uun xiinxala teeknika marmaartuu walaloolee Zalaalam kan gaggeeffaman yoo ta'u teeknikoonni biroo mul'atanis dayeessa akkaatummaa hayyooni armaan olitti kaasan irratti hundaa'uun sadarkaa gara garaatti gaggeeffameera.

## 4. Fuulleffannaa Teeknikoota Walaloowwan Filatamanii

Akkuma kutaalee armaan olii keessatti ibsameen walalooleen Zalaalam Abarraa teeknikoota miireffannaa dubbisaatti ykn dhaggeeffataatti dhiyoo ta'an fayyadamuun ergaalee dabarsu. Kutaa kana keessatti xiinxala fuulleffannaa teeknikootaa walaloolee filataman afran keessatti irra jireessaan mul'ataniifi gumaacha isaan ergaawwan walaloolee sanaa jabeessuu keessatti qabantu xiinxalamee dhiyaate. Bifuma kanaan teeknikoota waloon fayyadamee ergaalee udumeefi miidhagina itti uwwisee dhiyeessu keessaa kanneen ol ka'anii mul'atan (*foregrounded*): suuressa miireffannaa, kallattii seeneffamaa, marmaartuu (*sagalee, jechaafi gaalee*), filannoofi fayyadama jechootaa (*galumsa aadaa, Dubbii Qolaa, lakkuuwwan faallaafi moggoo*), akkasumas caaseffama sududaa (*syntactic parallelism*) xiinxaluun akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### 4.1 Teeknika Suuressa Miireffannaa

Zalaalam Abarraa guutummaa walaloolee isaa keessatti teeknikoota suuressaa miira dubbisaa dhuunfatan (*arresting*) fayyadamuudhaan waloowwan kaan irraa adda. Teeknikni kunis dubbisaan ykn dhaggeeffataan walaloolee isaa, yaada ka'u miireffannaa guutuudhaan akka argu, dhageeffatu, dhamdhamu, foolii fuudhuufi harkaan qaqqabee miireffatu dirqamsiisa. Kanaafuu, dhimmi suuressa miireffannaa seeneffama walaloolee keessaa addatti ol ba'ee mul'ata.

Walaloo *Eeyyee* jedhu keessatti seenessaan xiiqeffatee waa'ee afaan isaa falmatu jechoota argaa (ija) dubbisaatti dhiyoo ta'an hedduu "*garmaama*", "*fooggala*", "*quruphisa*", "*burraaqa*", "*fiiga*" "*tulluu yaaba*", "*laga lixa*", "*sussuka*", "*kabala*", "*jeekkara*", "*faga*", kkf fayyadamuun dubbisaan yaadaan gochaalee seenessaa ijaan argaman kana waliin bu'ee ba'uu ykn si'aayee socho'u dirqisiisa. Bifuma walfakkaatuun, walaloo *Malli Maalii* keessattis jechoota suuressa argaa hedduminaan fayyadamuun jiruufi jireenya qotee bulaa daawwachiisa. Dubbisaan/dhaggeeffataan jechoota "*tatarsaasee, carabee, babbaqassee, aramee, meesee, labee, sorobee, muka yaabee, luka dhaabee, gobaatti diramee, fiigee, kufee, ka'ee, riphee, itti qaxxisee, quphanee, aggadhee….*" jedhan walaloo kana keessatti yoo dubbisu/dhaga'u dhamaatii qotee bulaa kanaa ija yaadaatiin ilaalaa miireffata. Kan qotee bulaan kun ta'u ilaaluu qofa osoo hin taane miidhama isaas (fakkeenyaaf gobaatti diramuu) keessootti waliin dhukkubsata.

Gama dhageettiinis jechoonni gurratti sagalee dhageessisan hedduutu dhimma itti ba'aman. Fakeenyaaf, walaloolee lamaan kana keessatti qofa jechoota/gaalee "*itti iyyee, laagaa tarsa'ee, fooricaa, siiksaa, faarfataa, kokkolfaa, hamuummadhee, quqqufa'ee, boonye*e" kan sagalee qotee bulaa *Malli Maalii* keessatti ibsaniifi sagalee xiiqii seenessaa walaloo *Eyyee* keessaa kan gurra dubbisaatti bilbilan kanneen akka "*bookkisa, barooda, xirqana, faarsa, caraana, ililcha, lallaba, legelega, korrisa, kolfa, weeddisa, asaasa*…" fa'atu keessatti ammatame. Kanaafuu, miira jamaatti dhiyaachuun teeknika waloon kun itti beekamu keessaa tokko. Fakkeenyaaf, akkuma kutaa armaan olii keessatti kaafame walaloo isaa *uggum kubbaa miilaa* jedhu keessatti sagalee Istaadiyamii kubbaa miilaa keessaa karaa walaloo isaa dubbisaan akka dhaggeeffatu kan taasisu teeeknika kanaani.

Walaloolee xiinxalaaf filataman keessattis bakka tokko tokkotti miireffannaa dubbisaa hundi bakka tokkotti dhufuun lafatti dirqamantu mul'ata. Fakkeenyaaf seenessaan walaloo *Malli Maalii* dhangaa bara barri tole tarreessu keessatti qaamni miiraa dubbisaa hunduu akka si'aayan taasisu.

> Kunoo bara Sanaa…
> Bara quufa sana…
> Waaddii boqqolloo dhaa yookiin hammacaa 'saa,
> Kichuu cuuraa buqqee illaancoo xobbee 'saa
> Galabii lojaasaa raafuu akka jorooroo,
> Dafaqaa mimmixaan, buqqee baqqaana 'saa

Waa boqqolloo maroo.
Qoccoo affeelli ‘saa diba ‘saa fi gojjolaa,
Ukkaamsaa mosee dhaa ancootee akka dullaa
Sila a a a… waa akka dhadhaa fi foonii tumaamessa hoolaa,
Tuntunoo dibichaa, re'ee akka xobbaallaa
Waa ‘kka nadhii dammaa
Waa ‘kka xaafii fi cooma (Zalaalam, *Malli Maali*)

Hafee kana irraa akka hubanutti teeknikni suuressaa miira dubbisaa hunda tuttuqan bakka tokkotti faayidaarra kan oolan yoo ta’u dhiibbaan inni miireffannaa irraan ga’u jabaadha. Gosti dhangaa tarreeffamee dhamdhama, fooliifi halluun gara garaa isaan kennan fedha nyaachuu keessoo namaatti kakaasu. Dharraa kanas qotee bulaan kun bo’oo biraa keessatti “*Kan dafqanii nyaatan uggum ya mi'aasaaaa"* jedhee yoo ibsu walaloon kun miireffannaa akka qabaatu itti yaadamee kan qindeeffame ta’uu hubachiisa. Walumaagalatti, filannoon jechootaa miireffannaa dubbisaatti ykn dhaggeeffataatti bifa dhihoo ta’aniin ijaan argisiisaa, gurraan dhaggeeffachiisaa, arrabaan dhamdhamsiisaa, funyaaniin fuunfachiisaafi harkaan qaqqabsiisaa dhimma itti ba’uun dhaga’ittii keessoo addaa gonfachiisa. Teeknika kana fayyadamuun walaloolee hafan keessatti qalbii jamaa dhuunfachuun ergaa ufii salphaatti bifa hin dagatamneen dabarfachuudhaaf itti gargaarama.

### 4.2 Teeknika Seeneffamaa Nam-tokkoffaa

Teeknikni waloon kun walaloolee filataman keessatti fayyaadamu biraan seenaa ija abbaa seenaatiin dhiyeessuudha. Teeknika kana fayyadamuu keessatti waloon yaada seenessaa kallattumaan dubbisaan akka qooddatu, dhugaa jiru karaa nama biraa osoo hintaane namuma tokkoffaa irraa akka dhaga’u taasiseera. Kanaafuu, walaloolee *Malli Maali, Maraadhu Namanaa*, *Eyyee* fi *Ana Anaafi An* keessatti kallattii seenessuu nama tokkoffaa (*first person point of view*) hordofuun dhaggeeffataan ykn dubbisaan daangeffama tokko malee, turjumaana nama sadaffaa osoo hinbarbaachisiin akka yaada seenessitootaa hubatu taasisa. Seenessaanis yaada ufii eenyuyyuu isaafi dhaggeeffataa isaa gidduu osoo hingalchiin akka qoodu carraa kenna.

Fayyadama teeknika kanaa ergaalee ijoo walaloolee kanaa waliin walqabsiifnee yoo ilaalle hiikkaa guddaa qabaata. Qotee bulaan *Malli Maalii* keessaa dubbatu rakkoo irra bubbulte, dhamaatii isaafi komii dhaloota irraa qabu ofumaaf ibsata. Quuqqaafi komiin akkasii abbuma miidhameen yoo ibsamu humna qabaata. Kan dhaggeeffatus akkasuma seenaa kana abbuma seenaa irraa yoo dhaga’etu miireffata. Walaloolee hafan keessattis bifuma walfakkaatuun seenessitoonni waan keessoo isaanii guutee jiru akka baafatanii jamaatti kallattumaan himatan taasisuun dhiyeessa (*experience information simultaneously with the narrator*). Gama kanaan xiiqiin seenessaa waa’ee afaan isaa falmatuu, wal’aansoo eenyummaa seenessicha yaadaan gargar qoodamee, akkasumas safuun cabuu isaa waakkachuuf seenessaa waa’ee maraatummaa nama tokko gorsuu miira dhaggeeffataatti dhihoo ta’ee akka dhaga’amu taasiseera. Kallattii seeneffama walaloolee kanaa gara biraatti (fakkeenyaaf nama sadaffaatti) osoo jijjiiramee dhiibbaa jabaa amma qabu kana hin qabaatu. Kanaafuu, waan keessoo seenessaa keessaa dhiittatee/dhikkifatee ba’u seenessaadhumti ofii isaa akka baafatu gochuun teeknika waloon kuni fayyadamee ergaan walaloo jabina akka qabaatu taasisedha.

Walaloolee filataman kana teeknika haalaafi miira sagaleessuu *(tone and mood*) isaan hordofan yoo ilaalles waloon bifuma kallattii ija seenaa sanaan itti yaadee kan qindeesse ta’uu hubanna. Kanarratti hundoofnee yoo xiinxallus akkaataan dubbii/sagaleessaa walaloolee kanaa komii, xiiqii, cigoofi hinsarmuu ta’ee argina. *Malli Maalii* keessatti komii, abdii kutannaa, gaabbiifi xiiqiin irra deddeebi’ee yoo mul’atu, *Eyyee* keessatti xiiqii, ofitti amanamummaafi sagalee hinsarmuutu heddummaata. Walaloo *Maraadhu Namanaa* keessatti irra keessa gorsa fakkaatus cigoofi adeemsi fuggisoo yoo mul’atu, kan *Ana Anaafi An* keessatti ammoo sagaleessa murteeffachu dadhabuu, gaaffiifi falmiitu dhaga’ama.

Dhiibbaa miira dubbisaa ykn dhaggeeffataa (*mood*) irratti gama seenessaan kaayyeffatamaniin walqabatee *Malli Maalii* keessatti miira dhukkubbiifi gaddaa, *Eyyee* keessatti miira ofitti amanamummaa ykn boquu ol-qabachuu, *Maraadhu Namanaa* keessatti miira ceephoo akkasumas *Ana Anaafi An* keessatti miira ofitti finciluu, morkii ilaalchotaa irraa kan ka'e tokkummaa dhabuutu mul'ata. Kanaafuu, filannaan kallattii seenaafi haala sagaleessuu waloo kanaa dabarsa ergaatiifis ta'e dhiibbaa ergaan kun jamaa irratti qabaachuu malu bifa walunatuun dhiyaachuun isaa teeknika walalooleen kun dhimma itti ba'an fuulleffannaa qabaachuu mul'isa.

### 4.3 Teeknika Marmaartuu (Repetition)

Fuulleffaannaan teeknikaa walaloolee Zalaalam kan biraan fayyadama marmaartuuti. Waloon tokko marmaartuu akka teeknikaatti yoo dhimma itti ba'u dubbisaan ykn dhaggeeffataan dhimma marmaaree mul'atu kanaaf xiyyeeffannoo akka kennu karaa ittiin taasisudha. Teeknikni marmaartuu kunis sadarkaa garagaraatti mul'achuu danda'a.

Walaloo keessatti marmaarri sagalee, jechaa, gaaleefi himaa jiraachuu danda'a. Kanaafuu, xiinxala isaa sadarkaalee gara garaatti gaggeessuun gumaacha inni ergaa ykn akkaataa walalootiif qabu hubachuun barbaachisa. Bifuma kanaan walaloolee Zalaalam filataman keessatti marmaartuun sadarkaa sagalee kanneen akka marmaara dubbifamaa jalqaba jechootaa irratti (*alliteration*)fi qindoomina marmaara birsagaa dhumaafi walakkaa bo'oo irratti ni mul'atu. Sadarkaa jechaafi isaa oliitti marmaartuu kanneen akka Dursee (*anaphora*), Duubbee (*epiphora*), Duub-dursee (*anadiplosis*), Qajeelchituu (framing), Hundee (*Root*), Walqabsiisaa (*Chain*), Fakkaattii (*synonymous*), Faffaca'aa (*scattered*)fi Ergaa (*thematic*) keessaa kan hedduminaan walaloolee filataman keessatti dhimma itti ba'aman xiinxalamaniiru. Bu'uuruma yaada hayyootaa irratti hundaa'uun walaloolee xiinxalaaf filataman keessatti itti fayyadamni teeknika marmaartuu sadarkaa sagalee, jechaafi gaalee maal akka ffakkaatu asii gadiitti dhiyaateera

#### 4.3.1 Marmaartuu sadarkaa Sagalee

Walalooleen Zelealem teeknika marmaartuu irratti kan xiyyeeffatan haa ta'an malee sadarkaa sagaleetti, keessumaa marmaarri dubbifamaa jalqaba jechoota bo'aa walaloo irratti argamanii (*alliteration*) irratti hin xiyyeeffatani. Ka'umsi kanaas xiyyeeffannaa marmaartuun sadarkaa jechaafi gaalee irratti xiyyeeffachuu irraa madda. Hedduminaan marmaartuun sagalee jechootaan liqimfamanii mul'atu. Haa ta'u malee, akka teeknika ijootti ol ka'anii hin mul'atan malee, walaloolee afran filataman keessatti bakka gara garaati hojiirra oolaniiru. Fakkeenyaaf, bo'oowwan muraasa armaan gadii agarsiistuu marmaartuu sagalee dubbifamaati:

Irraanfachuu Irraanfata
**Y**aadachuu **Y**aadata (Zalaalam, *Ana, Anaa fi An,*)

Ittiinan **b**ookkisa ittiinan **b**arooda
**L**uuga **l**agaa…..
**B**aga, **b**aga, **b**aga………**b**aga
**J**ibbeen ……..**j**aalladha (Zalaalam, *Eeyyee* )

Ofiis **n**agaa **l**agee kaanis **n**agaa **l**aga
…..**m**aroo **m**araaticha
**S**ukkaara ….. **s**ukkaara…. **S**iphachaa (Zalaalam, *Maraadhu Namana*)

….**c**arabaa **c**arabee, **b**ajjii **b**abbaqassee
**H**olqa **h**arka **k**aa'ee **s**orrobbaa **s**orobee (Zalaalam, *Malli Maali*)

Bo'oowwan armaan olii fakkeenyaaf fudhataman keessatti akka mul'atu sagalee dubbifamaa /y/, /b/, /l/, /j/ /n/, /m/, /s/, /c/, /h/ walaloowwan afranuu keessatti yeedaloo galumsa isaanii tolchuudhaaf dhimma itti ba'amaniiru. Kanaafuu, marmaara dubbifamaa gosa tokkoo jalqabbii

jechoota bo’oo walaloo tokko keessatti mul’atu ilaalchisee walaloolee filataman keessatti fakkeenya hedduu kaasuu yoo danda’amellee akka marmaara jechootaa walaloolee kana keessatti humna godhatanii ol ba’anii hin argaman.

Yeedaloo ykn unata sagalee keessoofi xumura bo’oo ilaalchisee hedduminaan walfakkaachuun yoo mul’ates walaloo tokko keessatti buufata gara garaa irratti akkasumas walaloolee afran keessatti bifti qindoomina isaa wal hinfakkaatu. Kana jechuun unatni jiru seera murtaa’aa ta’e tokko hin hordofu (*free verse*). Walaloolee afran keessatti buufataalee jalqabaa qofa fudhannee yoo ilaalle garaagarummaa kana hubachuu dandeenya.

*Ana Anaa fi An* keessatti buufanni jalqabaa bo’oo kudhan yoo qabaatu unatni sagale dhuma bo’oo akka armaan gaditti agarsiifame qindoomina (*rhyme scheme*) *aabbccdeed* jedhu qaba. Qindoominni kun garuu bifa walfakkaatuun buufataalee walaloo kanaa hunda keessatti itti hinfufu.

| | |
|---|---|
| Tokkeen koo inni tokko lafa dhayee raf**a** | **a** |
| Waaman hin dhagawu, korrisee kurruu**fa**; | **a** |
| Tokkeen koo inni kaan qalbii na qirqi**ra** | **b** |
| Akka abbaa galfataa na dhaanuuf girgi**ra**; | **b** |
| “Kaleessii maalii…?” naan je**dha** | **c** |
| Gurjaa na bushuu fe**dha**. | **c** |
| Firaa waa naa ma**laa** | **d** |
| Yaadachuu yaadadh**een** | **e** |
| Dagachuu irraanfadh**een**…, | **e** |
| Harkaan taa’aa bu**laa** | **d** |

(Zalaalam *Ana Anaa fi An)*

Walaloo *Eyyee* jedhu keessatti buufatni jalqabaa bo’oo saddeet yoo qabaatu birsagni dhuma bo’oo buufata kanaa hunduu walfakkaatu. Kanaafuu qindoomina *abaaaaaa* jedhu qaba qindoominni kunis buufataalee biroo keessatti bifa walfakkaatuun mul’atuu dhabus, unatni sagalee walaloo kana keessatti bakka guddaa qaba.

| | |
|---|---|
| Afaankoo dureessa, afaankoo baree**daa** | **a** |
| Ittiinan bookkisa, ittiinan baroo**da** | **b** |
| Eeyyee … ittiinan xirqana akka korma di**daa** | **a** |
| Waawuu;… ittiinan garmaama, akka sangaa far**daa** | **a** |
| Utubaa aadaakoo **d**uguggururu **d**ug**daa** | **a** |
| Afaan Haadhakootii aayya afaan hun**daa**! | **a** |
| Afaan Abbaakootii abbayya afaan hun**daa**! | **a** |
| Afaan warrakootii, afaan saba gud**daa** | **a** |

(Zalaalam, *Eeyyee*)

*Maraadhu Namanaa* walaloo jedhu keessatti buufatni jalqabaa bo’oo ja’aa yoo qabaatu qindoominni unataa dhuma bo’oo irratti bifa *ababcb* jedhuun dhiyaate.

| | |
|---|---|
| Maraadhuu si gor**see** | **a** |
| Maa mataa jabaat**taa**? | **b** |
| "Maraadhuu" si gor**see** | **a** |
| Diddee dhukubsat**ta** | **b** |
| Maraadhu nama**na**... | **c** |
| Yoos fooyyee argat**taa**. | **b** |

(Zalaalam, *Maraadhu Namana*)

Walaloo *Malli Maalii* keessatti buufatni jalqabaa bo’oo torba yoo qabaatu birsagni dhuma bo’oo irratti mul’atu qindoomina ***abaacdd*** yoo qabaatu buufata lammataa kan bo’oo 21 qabu waliin qindoomina wal fakkaatu hin qabu. Kanaafuu dhuma bo’oo irratti birsagoonni walfakkaatan

qindoomina gara garaan marmaaruutu mul'ata. Fakkeenyaaf bo'oowwan jalqabaa saddeet fudhannee buufata lammaffaa yoo ilaalle dhuma irratti qindoomina ***aaaaaaaa*** qabaachuu hubanna

| | |
|---|---|
| An' waa baayye hin beeku, beekumsas hin qa**bu** | **a** |
| Haata'uyyuu ma**lee** …. | b |
| Waaye koo fi waaye kee dubbii xinnoo hin dha**bu** | **a** |
| Kanin obese kaa'ee gadi qa**bu** | **a** |
| Egaa hamma yoomii**tti** …? | c |
| Maaliifan cal jedha, yoomiifan uruur**sa**? | d |
| Ka'een waa dubbadha, ka'eetan buruq**sa**. | d |

(Zalaalam, *Malli Maali*)

Walaloodhuma kana keessatti darbee darbee bo'oowwan gara garaa keessatti unatni keessoo faayidaarra oola. Fakkeenyaaf buufata armaan gadii keessatti bo'ooleen hunduu unata keessoo qabu, kana jechuunis birsagni dhumaa gaaleewwan lamaan boo'oo tokkorraa jiranii walfakkaata.

Kan sombaa sokos**su**, kan nama tortor**su**
Kan garaa dubba**tu**, kan kale cuffa**tu**
Kan ilkaan raammes**su**, kan qalbii raates**su**
Kan laphee utaa**lu**, kan fincaan cuqqaa**lu**,
Kan mar'immaan waa**du**, kan ija qadaa**du**
Kan mataa naannes**su**, isaa qaandillees**su**

(Zalaalam, *Malli Maali*)

Buufata armaan olii keessatti unata bo'oo dhumaa yoo ilaalle qindoomina birsagaa *abacda* kan qabu yoo ta'u, tokkoon tokkoo bo'oo kanaa keessatti birsagni dhuma galee irratti argamu walfakkaata. Kanaafuu dubbisa toora walaloo kanaa keessatti unatni jiraachuun marmaarri sagalee hawwata dabaluun tajaajila kenna. Walumaa galatti fakkeenyota kanneen irratti hundaa'uun marmaarri sagalee walaloolee Zalaalam miira dhageeffannaa dubbisaatti bifa qindaa'aa ta'een dhiyaachuun yaada jamaa hawwachuu kan danda'anidha.

#### 4.3.2 Marmaartuu sadarkaa Jechaafi Gaalee

Walaloolee filataman keessatti marmaarri jechootaafi gaalee teeknikoota xiyyeeffannaa argatan keessaa tokko. Marmaartuun kunis jabina suuressaa, dhiibbaa miireffannaa, qabatamummaafi hawwannaa ergaa walaloolee cimsuuf dhimma itti ba'amaniiru. Gosoota marmaartuu sadarkaa jechaafi gaalee keessaa, walalooleen Zalaalam afran kun hedduminaan gosa Marmaartuu Duree, Hundeefi Fakkaattii irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u kana keessaa gaheen marmaartuu duree ol'aanaadha. Walaloota afranuu keessatti gosti marmaartuu walqabsiisaa (*Chain Repetition*) fi faffaca'aa (*scattered*) kan hin mul'anne yoo ta'u kanneen biroo (Duubbee, Duub-duree, Qindeessituufi Ergaa) sadarkaalee gara garaatti dhimma itti ba'amaniiru. Xiinxalli gosoota marmaartuu kanaas akka armaan gadiitti dhioyaateera.

##### 4.3.2.1 Marmaartuu Duree (*Anaphoric Repetition*)

Gosa marmaartuu kana waloon irra jireessaan kan dhimma itti ba'e yoo ta'u qindoomina yaadaafi walunata hariiroo uumuudhaaf akka tajaajilutti fayyadameera. Gabateen armaan gaditti dhiyaate mul'istoota marmaartuu gosa kanaa walaloolee afran keessa jiran qabateera.

*Gabatee 1: Marmaartuu Duree*

| *4. Malli Maali* | *Maraadhu Namana* | *5. Eyyee* | *6. Ana Anaafi An* |
|---|---|---|---|
| • Kunoo bara sanaa<br>• Kunoo bara sana …<br>• Kunoo bara sanaa,<br>• Kunoo bara sana, …<br><br>• takka mana seenee<br>• takkas manaa ba'ee<br>• Takkas Hamuummadhee<br>• takkas quqqufa'ee<br><br>• kan sonbaa sokossu<br>• kan tiruu tortorsu<br>• kan garaa dubbatu<br>• kan kalee cuffatu<br><br>• Ijoolleen…. | • Maraadhu namana.. (**x12**)[e]<br>• Amma utuu maraattee(**x11**)<br>• Sukkaaraa facaastee,<br>• sukkaara haammachaa<br>• Sukkaara hammaartee,<br>• sukkaara siphachaa<br>• Feete seera tumta<br>• Feete cirtee gatta<br>• Feete raajii himta<br>• Feete hin bulgaafattaa<br>• Hooda maddaa ooltee,<br>• hooda maddaa bulta<br>• Qilleensi inni baddaa,<br>• qilleensi gammoojji<br>• Qilleensi gubbaa tulluu,<br>• qilleensi dachaa bajjii<br>• Warri beedeekeetii<br>• Warri argaakee jibbu,<br>• Warrii badiikee sirbu<br>• Eyyama kee malee... (**x5**)<br>• Yoo barbaadde<br>• yoo barbaadde<br>• yoo barbaadde | • Afaankoo (**x13**)<br>• Afaan… (x**17**)<br>• Afaan warra (**x6**)<br><br>• Ittiinan dubbisa,<br>• Ittiinan weeddisa<br>• Ittiinan barreessa<br>• Ittiinan asaasa<br>• Ittiinan… (**x115** | • Tokkeen koo (**x7**)<br><br>• Yoo nuyi ……<br>• Yoo buna ……<br>• Yoo ittii …….<br>• Yoo itti ……<br><br>• Kaleessi…<br>• Kaleessi……(**x21**)<br><br>• Ijaa ati……<br>• Ijaa ati…….<br><br>• Akka …<br>• Akka …<br>• Akka … |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubannutti marmaartuun duree walaloolee afranuu keessatti akka teeknikaatti irra jireessaan kan dhimma itti ba'aman yoo ta'u, tajaajilli isaas hariiroo sududaa yaadota walaloo keessatti kaafamanii mul'isuuf akkasumas seenessaan walaloo

[e] Lakkoofsi kun baay'ina marmaaraa agarsiisuuf gale

sagaleessa walunatu (*harmony of speech*) akka qabaatu taasisuun hawwannaafi xiyyeeffannaa akka argatu taasisuudha. Fakkeenyaaf, walaloo *Malli Maali* jedhu keessatti marmaartuun duree "*Kunoo bara sanaa ..."* jedhu irra deddeebi'ee dhufuun qindoomina seeneffamichaa cimsuu irra darbee dhaggeeffataan ykn dubbisaan waa'ee baricha seenessaan jedhu akka itti yaadu dirqmsiisa ykn haala mijeessa. Tolaafi hammeenya waa'ee barichaa ija qotee bulaa kanaan akka ilaalu ykn miireffatu gargaara. Bifuma walfakkaatuun, walaloo *Eyyee* jedhu keessatti marmaartuun duree "***Ittiinan…."*** jedhu guutummaa walalichaa keessatti si'a dhibbaafi kudha shan (115) marmaaree yoo mul'atu xiyyeeffannoo afaanichaaf kenname mul'isuu irra darbee xiiqii seenessaa keessa jiru ifatti baasa.

Haaluma walfakkaatuun *Maraadhu Namanaa* keessatti irra deddeebi'ee dhufuun gaalee marmaartuu duraa "*Maraadhu namana*....." si'a kudha lama (12) akkasumas kan "*Amma utuu maraattee...*" jedhu si'a kudha tokko(11) seenessaan dhaggeeffataa (jamaa) waa'ee maraatummaa gorsuu irratti xiyyeeffachuu agarsiisa. Irra deddeebi'ee bifa cigoon faayidaa maraachuun argamsiisu ibsuun xiyyeeffannaa ergaa walalichaa mul'isuufi. Walaloo *Eyyee* keessatti ammoo dhimma xiyyeeffannoo hiikkaa seenaa ajandaa falmii ta'e fuulleetti fiduuf (*foreground*) marmaartuu duree "Kaleessi..." jedhu guutummaa walalichaa keessatti si'a digdamii tokko (21) irra deddeebi'ee fayyadame. Kanaafuu, walaloolee kana keessatti dhimmi marmaartuu kun itti yaadamee akka mala ergaafi hawwannaa walaloolee cimsuutti faayidaarra ooluutu hubatama.

#### 4.3.2.2 Marmaartuu Hundeefi Fakkaattii

Walalooleen filataman gosa marmaartuu hundeefi fakkaattii/moggootti dhimma ba'uunis beekamu. Marmaartuu hundee keessatti jechoonni hundee tokko irraa ijaaraman bifa hariiroo sagalee walfakkaatu ol kaasee mul'isuun waloon kun irra deddeebi'e kan itti fayyadamu ta'uutu hubatama. Marmaartuun fakkaattii ammoo jechoota hiikaan walfakkaatan ykn moggoo ta'an irra deddeebi'uun fayyadamuun ergaa walaloo bifa qalbii dubbisaa dhuunfatuun dhiyeessee jira. Gabateewwan lamaan armaan gadiis agarsiistota fakkeenya ta'an walaloolee afranii mul'isu.

***Gabatee 2: Marmaartuu Hundee (Root Repetition)***

| 9. *Malli Maali* | *Maraadhu Namana* | 10. *Eyyee* | 11. *Ana Anaafi An* |
|---|---|---|---|
| • tiifuun -- tiifee<br>• sorrobbaa --sorobee<br>• gaagura--gaaguruu<br>• qoraattiin--qoramee<br>• aramaa--aramtee<br>• gibira --gabbarra | • Maraadhu ..maraattee ..<br>• ...maroo....maraaticha<br>• guyyaa, guyyuufi, guyyee | • galchaa-- galcha<br>• ciraa-- cireen<br>• gaddakoo--gaddeen<br>• kaakkiseen—kolfa | • yaadachuu yaadadheen<br>• irranfachuu-irraanfata<br>• gatata-- gatatee<br>• badhaasa--badhaasee<br>• sillimii-- sillimu<br>• korrisee-- kurruufa |

***Gabatee 3: Marmaartuu Fakkaattii (Synonymous Repetition)***

| 12. *Malli Maali* | *Maraadhu Namana* | 13. *Eyyee* | 14. *Ana Anaafi An* |
|---|---|---|---|
| • Daaree-- qullaa buusee<br>• Bututaa--du'aankoo<br>• innani saamamu—innan kabalamu – | • Caraanii—alaakii<br>• lallabii – mammaakii<br>• Hin qorru—hin dhaamotu<br>• Warri | • Barii--'Bboroo--iyya 'ndaanqoo—ganamaa-- bultee isa jalqabaa<br>• mi'aawaa--nadhii dammaa | • Dukkana limixii--walkaa halkaniin<br>• tareera --fagateera<br>• seenaa-- |

| | | | |
|---|---|---|---|
| lubbuu guraaramu<br>• lammiinkee-- firri<br>• Harmeewwan-- Haadhakoo | argaakee jibbu, --- warrii badiikee sirbu<br>• Yoo feete-- yoo barbaadde | • fooggala— garmaama- xirqana— caraana<br>• dhungadha— qabdoo taa'aa<br>• quruphiseen- burraaqa<br>• socho'a— warraaqa<br>• lafa qoteen-- babbaqa<br>• unadheetan -- dhuga<br>• machaayeen- legelega<br>• qoosa-- munaaga<br>• goobsa—faarsa – jajjabeessa<br>• ulfina—guddina | yeroo darbee<br>• waliin falma-- waliin morka<br>• rafuu— sillimuu<br>• Soba – dhara<br>• dhufee darba -- dhufee tara<br>• irribaa na kaasa-- na dammaqsa<br>• ofii koottin falma – ofittan mugguta |

Akkuma agarsiiftuuwwan gabateewwan lamaan armaan olii keessatti mul'ifame irraa hubannutti marmaartuun gosa lamaanii walaloolee afranuu keessatti dhimma kan itti ba'aman yoo ta'u marmaartuun gosa jalqabaa (hundee) jechoota hundee tokko irraa ijaaraman yoo sagaleeffaman walfakkeenya (*harmony*) uumamuun gurratti kan tolaniifi hawwannaa kan qabanidha. Hedduminaan teeknika kana fayyadamuun waloo kanaa xiyyeeffannaa dhiibbaa miireffannaa irratti kenne mul'isa.

Marmaartuun fakkaattii gabatee sadaffaa keessatti mul'atan ammoo xiyyeeffannaa ergaa gama jechoota hiikaan walfakkaatanii irra deddeebi'amaniin mul'isa. Fakkeenyaaf, *Malli Maalii* keessatti seenessaan "*innani saamamu, innan kabalamu lubbuu guraaramu*" jedhee yoo waa'ee rakkoo qotee bulaa ibsu, irra deddeebi'amuun jechoota waa'ee dararaa ibsan: "saamamu", "kabalamu", "guraaramu" kunneen dubbisaan ergaa barbaadame sana qalbiifi onneetti akka qabatu dirqisiisa. Bifuma kanaan walaloolee hafan keessatti dhiibbaan jabaan miireffannaa ergaa walaloo dubbisaa / dhaggeeffataa irra akka bu'u teeknikni kun gumaacha godheera.

#### 4.3.2.3 Marmaartuu Duubbee, Duub-duree, Qindeessituu fi Ergaa

Marmaartuu duubbee walaloolee *Malli Maali*fi *Maraadhu Namanaa* keessatti unata sagaleefi xiyyeeffannoo ergaa agarsiisuuf yoo dhimma itti ba'aman walaloolee hafan lamaan keessatti faayidaarra hin oolle. Walaloo *Maraadhu Namanaa* keessatti marmaarri duubbee dhuma buufata walaloo sanaa garaa garaa keessatti irra deddeebi'uun kan argaman yoo ta'u yaada – maraachuun aangoomuu waan ta'eef maraadhaa—jedhee jamaa amansiisuuf marmaaru ta'ee mul'ata. *Malli Maalii* keessatti ammoo sududa gochootaa (*parallelism*) mul'isuuf itti fayyadame. Agarsiiftuuwwan gosa marmaartuu lameenii gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru.

***Gabatee 4: Marmaartuu Duubbee***

| 16. ***Malli Maali*** | ***Maraadhu Namana*** | 17. ***Eyyee*** | 18. ***Ana Anaafi An*** |
|---|---|---|---|
| • Baala midhaan *gootaa*,<br>• kuullee sa'a *gootaa*,<br>• muummees laga *gootaa*,<br>• yuuyyees nama *goota* | • Ofiis nagaa lagee,<br>• kaanis nagaa laga<br>• ...lakkii hintain gowwaa<br>• ...lakkii hin ta'in gowwaa | ----- | ----- |

| | | | |
|---|---|---|---|
| • uumtee attam na *gootaa* | • …maaf na jalaa didda?<br>• ...maalumaaf fajajjaa? | | |

Teeknikni marmaartuu duub-duree walaloolee *Malli Maalii*fi *Eyyee* keessatti bakka muraasatti hojiirra oolanii mul'atu. Tajaajilli isaaniis yaada hima jalqabaa keessatti irratti xiyyeeffatamu gama hima biraatti ceesisuun dhimma xiyyeeffannaa jalqabaa (gulummoo) taasisuudha. Fakkeenyaaf, marmaara jecha "seentee" fi "cimee" jedhu kan bo'oo walalichaa "*Dhaqdhaqii **seenuu** kee, **seentee** qabamuu kee"* fi "*Wal deggeree **cimaa, cimee** wal deggeraa*" keessatti mul'atan fayyadamuun xiyyeeffanoon gocha seenuufi cimuu irratti ta'uu mulisa. Gochi kunis bakka tokkotti kan dhaabbatu osoo hintaane darbee itti fufee waan mul'atuu malu argisiisuuf irra deebi'ama. Walaloo ***Eyyee*** keessattis gochi guddisuu duub-dureen bo'oo "*Dhalcheen ittiin **guddisa Guddiseen** muldhisa*" jedhu keessatti yoo dhiyaatu dhimmi guddisaa dhaabbataa akka hintaane sadarkaa tokkoo gara biraatti ce'uu agarsiisa.

***Gabatee 5: Marmaartuu Duub-duree***

| *20. **Malli Maali*** | *21. **Eyyee*** |
|---|---|
| • Dhaqdhaqii ***seenuu*** kee, ***seentee*** qabamuu kee<br>• Wal deggeree ***cimaa***, ***cimee*** wal deggeraa<br>• Waanan kana jedheef Caaliiko ya ***Caalii***, ***Caalii*** morma lawwee | Dhalcheen ittiin **guddisa**<br>22. **Guddiseen**<br>muldhisa |

23.

Marmaartuun qindeessituu (*framing*) walaloolee afran keessaa sadii keessatti bakka tokko tokkotti hojiirra oolee mul'ata. Teeknikni kun yoo dhimma itti ba'amu yaadi buufata ykn guutummaa walaloo keessatti dhiyaatu, jalqabaafi dhumarra irra deebi'amee, kanneen sana gidduutti dhiyaatan ammoo addeessa yaada jalqabbiifi goolabaa ta'uu mul'isu. *Malli Maalii* keessatti buufata lammaffaa, bo'oo jalqabaa irratti seenessaan hima "…**ani qoteen bula**.." jedhuun jalqaba. Hima kanatti aansuun bo'oowwan 41 jiran waa'ee gochaalee qotee bulaa, gidiraa isaafi maatii isaa mudatu, wal'aansoon jireenya isaa maal akka fakkaatu jechootaafi gaaleewwan gara garaan erga ibsee booda buufata lama ce'ee bo'oo 42ffaatti irra deebi'ee "… **ani qoteen bula**.." jedhee goolaba. Kanaafuu, marmaartuun kun yaada jalqabaafi kan dhumaa tokko godhuun, bo'oowwan sana gidduutti dhiyaatan hunda akka qindeessu (*frame*) taasifame.

Bifuma walfakkaatuun *Maraadhu Namanaa* keessatti marmaartuun qindeessituu guutummaa walalichaa qindeessuuf hojiirra ooleera. Qindeessi kunis mata duree walalichaa irraa ka'ee hanga bo'oo dhumaa walalichaatti deema. Guutummaan yaada walaloo kanaa bifa cigoon maraachuun fayyaalessummaa akka ta'e dhaggeeffataa amansiisuu yoo ta'u kana gochuudhaaf ammoo bu'aalee marachuu irraa argamu tarreessuudha. Kanaafuu, walaloo kana keessatti mata dureefi toora jalqabaa buufataalee walaloo kanaa keessatti irra deddeebi'ee gaalee "**Maraadhu namanaa…**" jedhuufi "**Amma utuu maraattee**…" jedhu fayyadamuun bo'oo dhumaa irratti "**maraadhu namanaa**" jedhee goolaba. Walaloo *Ana Anaafi An* jedhu keessatti ammoo buufata 3ffaa keessatti gaaleen "***Dukkana limixii walakkaa halkaniin***" jedhu jalqabaafi dhumarra dhufuun qindoomina yaada buufatichaa mul'isa. Teeknikni kun walaloolee sadan kana keessatti caasaa yaada xiyyeeffannoo mul'isuuf dhimma itti ba'amuutu hubatama. Mul'istoonni gosa marmaartuu kanaas gabatee armaan gadii keessatti dhiyaataniiru.

***Gabatee 5: Marmaartuu Qindeessituu***

| ***24. Malli Maali*** | ***Maraadhu Namana*** | ***25. Ana Anaafi An*** |
|---|---|---|

| | | |
|---|---|---|
| ani qoteen bula lafa tatarsaasee (*bo'oo 1ffaa*)<br>..<br>Ani qoteen bula lafa tattaraaree (*bo'oo 25ffaa*) | Maraadhu Namana (***matduree, buufata hundaa fi sarara xumuraa irratti***)<br><br>Amma utuu maraattee…..<br>(***jalqabbii buufata gara garaa keessatti yaada qajeelcha***) | Dukkana limixii walkaa halkaniin;<br>***(buufata 3ffaa jalqabee xumura)*** |

26.

Dhumarras, marmaara ergaa ilaallatee, walaloolee filataman keessatti dhimmoonni ijoo ta'an qaama walaloolee kanaa bakka garagaraatti irra deddeebi'amanii dhiyaataniiru. Teeknikni kunis xiyyeeffannaafi dhiibbaa ergaa walaloo bifa mul'isuun dhimma itti ba'ame. *Malli Maalii* keessatti ergaan marmaaru kan waa'ee gidiraa qotee bulaati. *Maraadhu Namanaa* keessatti ammoo caba safuu yoo ta'u walaloolee *Eeyyee* fi *Ana Anaafi An* keessatti dhimmi afaanii eenyummaafi seenaa irra deddeebi'iin dhiyaataniiru. Keessumaa *Eyyee* keessatti xiiqii afaan ufii guddisuu, wal'aansoo uggura isaa marmaartuun mul'isu buufataalee hunda keessatti bifa gaaffiin dhiheessaa, dhumarrattis bo'oo dhumaa keessatti bifa arrabsoon "*Kan kana nadhorku hudduusatti muka*!" jedhee hinsarmuu seenessaa mul'isa. Kanaafuu waloon kun teeknika marmaartuu ergaas dhimma itti ba'uun ergaa dabarsuu barbaade bifa jabinaafi hawwannaa qabuun akka dabarse argisiiftuun kuni ni mul'isa.

***Gabatee 5: Marmaartuu Ergaa***

| ***27. Malli Maali*** | ***Maraadhu Namana*** | ***28. Eyyee*** | ***29. Ana Anaafi An*** |
|---|---|---|---|
| • Gidiraa qotee bulaa<br><br>• Saamicha | 30.<br>• Maraadhu | • Afaan akka kankoo eenyu abbaasheetu qabaa?<br>• Afaanichi kankooti, maaltu nama dhibee?<br>• Eenyuu kan na dhorkuu? An nama walabaa!<br>• Eenyuu kan na dhorkuu, anaafisoo mirgaa!<br>• Afaanichi kan koo, maaltu nama qiinxaa?<br>• Maal, kanuma godha mitii addunyaan hundumtuu!<br>• Kan kana nadhorku hudduusatti muka! | • Kaleessi… (Seenaan hin maseenu) |

### 4.4 Filannoofi Fayyadama Jechootaa (*Lexical foregrounding*)

Humni walaloolee Zalaalam hedduminaan teeknika fayyadama jechootaafi qindaa'ina isaa irratti xiyyeeffata. Walaloolee xiinxalaaf filataman keessatti humni fayyadama addaa jechootaa (*lexical foregrounding*) teeknikoota gara garaan hojiirra oole. Teeknikoonni kunis teeknikoota fayyadama jecha galumsa duudhaa, malleen dubbii, jechoota lakkuuwwanii walii faallaafi moggoo akkasumas fayyadama jechootaa bifa addeessa bal'aa (*thick description*) kennuuni.

#### 4.4.1 Fayyadama Jechoota Galumsa Duudhaa

Walaloolee afranuu keessatti fayyadamni jechoota duudhaa ganamaa, yeroo ammaa kana dubbii guyyuu irraa fagaataa jiraniitti dhimma ba'uun waloon ergaan isaa hawwataa akka ta'u taasiseera. Fayyadamni jechoota akkasiis yoomessa ergaa walaloo waliin kan deeman yoo ta'u dubbisaa ykn dhaggeeffataa walalichaa, yoomessa kanarraa adda citee jiru yaadaan garasitti imalsiisa.

Walaloo *Malli Maali* jedhu keessatti gochaawwan guyyuu qotee bulaa, dhamaatii isaafi komii isaa bifa caalmaatti hubatamuu danda'uun jechoota "*labee, sorobee, luka dhaabee, gobaatti diramee, laagadhaa tarsa'ee, ilkaan qaree*," fi kanneen biroo fayyadamuun sagaleen qotee bulaa sirriitti ol ka'ee akka dhaga'amu taasiseera. Walaloo *Ana, Anaafi An* jedhu keessattis bifuma walfakkaatuun jechoonni galumsa duudhaa kanneen akka "*itti qaluu, dhibaafachuu, facaafachuu, lafa dhayee rafuu, girgira, gurjaa bushuu, gatata gatatuu, faltii yeroo, sillimii sillimuu, sangaa-raadaa, fakkanuu, xeebuu*…" kan dhimma itti ba'aman yoo ta'u bakkeewwan jechoonni kuni tajaajilarra oolan hundaatti dubbisaan duubatti deebi'ee yoomessa aadaafi galumsa isaa akka hubatuufi miireffatu dirqisiisu.

Teekniikni akkasii walaloolee Zalaalam hunda keessatti hedduminaan kan mul'atan yoo ta'u walaloolee *Eyyee*fi *Maraadhu Namanaa* keessatti kanneen kaafaman keessaa: "*sangaa fardaa, korma didaa, jeekkaruu, faguu, legeleguu, munaaguu, lommoxuu, miriixa, shibaaxa, xixxiixa, fooggaluu*" *Eyyee* keessatti, "*sanyoo, alba'a, caraani, alaaki, bulgaafatta, wichiiroo*" ammoo *Maraadhu Namanaa* keessatti dhimma itti ba'amaniiru. Fayyadamni jechoota kanaa galumsa idileefi al-idilee qabatanii kan dhiyaatan yoo ta'u, seenessaan aadaa sana keessatti bakka inni qabuufi eenyummaan isaa maal akka fakkaatu sirriitti mul'isuuf gumaacha guddaa taasisaniiru. Walumaagalatti jechoota galumsa duudhaa fayyadamuun waloo kanaa dhaggeeffataan yoomessa dhugaa hawaasicha fakkaatu keessatti jechoota asilaawoo ta'anitti fayyadamuun qabatamummaa seenaafi taateewwan walaloo keessaa bifa jabaa ta'een mul'isuuf itti gargaarameera. Icciitiin hawwannaa walaloolee Zalaalam tokko fayyadama teeknika kanaati.

#### 4.4.2 Fayyadama Jechoota lakkuuwwanii walii faallaafi moggoo

Fuullleffannaan teeknikaa gama fayyadama jechootaan walqabatee kan walaloo Zalaalam keessatti hedduminaan mul'atu jechoota hiika walii faallaafi moggoo qaban ergaalee ammataman bifa humna qabuun dabarsuuf waliin hiriirsisuudha. Walalooleen xiinxalaaf filataman ergaalee jiruufi jireenya Oromoo keessatti walxaxoofi wal'aansoon itti baay'atu ibsuu irratti fuulleffatu. Dabarsa ergaa kanaa keessatti morkii, diddaa, falmii eenyummaafi komii faladhabuu ibsuuf waloon kun jechoota walii faallaa hedduu dhimma itti ba'a. Jechoonni lakkuuwwan gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan fiixeewwan muuxannoo jiruufi jireenya Oromoo mul'isu. Heddummaachuun isaaniis miireffannaa dubbisaa irratti dhiibbaa cimaa geessisuu waan kaayyeffatame fakkaata. Kanaafuu, tokkoon tokkoo walaloolee kanaa keessatti faallaawwan lakkuu dhiyaatan ergaa waliigalaa walalichaa cimsuuf kan dhimma itti ba'aman ta'uutu hubatama. Jechoonni filataman kunis *Maraadhu Namanaa* keessatti: fiixee maraatummaafi fayyummaa agarsiisuu; *Eyyee* keessatti wal'aansoo fedha afaan ufii bilisaan fayyadamuufi uggura isaa gidduu jiru. *Ana Anaafi An* keessatti muggutii hiikkaa seenaa (eenyummaa kaleessaa)fi hariiroo inni har'aaf boru waliin qabuu mul'isuuf, akkasumas, *Malli Maali* keessatti gargar fageenya rakkoo qabatamaa qotee bulaafi barnoota ammayyaa dhalli isaa baratee, hawwii bilisummaa abbaan ilma isaa irraa eegaa tureefi abjuu ta'ee hafuu hawwiisaa sababa imaanaa nyaachuu ilmasaa irraa dhufe agarsiisuuf faayidaarra oolani.

***Gabatee 6: Jechoota lakkuuwwan hiikkaan walii faallaa***

| *Maraadhu Namanaa* | *Eeyee* | *Ana Anaafi An* | *Malli Maali* |
|---|---|---|---|
| • Maraachuu-- fayyuu<br>• Fayyuu-- dhukkubsachuu<br>• taa'anii muguu-- oliif gadi kaachuu<br>• ofii-- kaan<br>• nagaa-- nagaa laguu<br>• kaleessaa-- hardha<br>• cirracha-- warqee<br>• si-- kaan<br>• ati-- isa kaan<br>• facaasuu-- haammachuu | • dhukubsadheen -- of waldhaana<br>• gammada, -- dallana<br>• dirree -- tulluu<br>• eebbisa, -- sookka'a<br>• cidheesssa, -- du'a ga'a<br>• Jaalladha -- jibba<br>• jabaadha, -- dadhaba<br>• wareera -- gaggaba<br>• kuffiseen -- ol of qaba<br>• nama lola -- walii-gala | • inni tokko -- inni kaan<br>• Yaadachuu—Dagachuu<br>• Har'a -- kaleessa<br>• bara durii – barana<br>• oofkalee—gatatee<br>• maseena – indaraara<br>• Sangaa—raadaan<br>• intaadhoma – maseena | • Ganna—bona<br>• Yandoo—caamsaa<br>• Xooxarsee—dool'essee<br>• Muka yaabee—luka dhaabee<br>• Aduu bonaa – qorra gannaa<br>• Muummee—tulluu<br>• Baaduu furdaa—carii dhamaa<br>• Faarfannaa— |

| | | | |
|---|---|---|---|
| • dhibee-- qoricha<br>• qaqaa-- raacitii<br>• faarsuu-- yakkuu<br>• seera tumuu-- ciranii gatuu<br>• raajii himuu-- bulgaafachuu<br>• ooluu-- buluu<br>• badda-- gammoojji<br>• gubbaa tulluu-- dachaa bajjii<br>• kan sitti firoome-- warri argaakee jibbu<br>• maqaa ol kaasuu-- badii sirbuu<br>• Maleekaa-- Seexana<br>• siif gadduu-- arraaba sitti baasuu<br>• dhiyuu-- bariyuu<br>• qorruu-- ho'uu<br>• giiftiifaa soqoluu-- gooftaafaa kabaluu<br>• muuduu-- faaluu<br>• ijaaruu-- diiguu<br>• hawwuu-- argachuu<br>• hortee hin qabne-- hammaartee tamsaasta<br>• maqaa dhawuu-- lagachuu<br>• gararraa-- gajjallaa<br>• gubbasii-- goodaa<br>• deeffachuu-- dhuufuu<br>• Waaqa ajjeesuu-- galatakee jechuu | • badu -- tolu<br>• dallana -- bashannana<br>• waraaba, -- gadi naqa<br>• hojjedha, -- boqota<br>• qeeqa -- galateefadha<br>• dalaga -- taa'ee muga<br>• Qalbiin hora, -- wajaga<br>• safuun tolcha, -- safuun diiga<br>• tulluu yaabeen -- laga lixa<br>• nagaa buusa -- balaa buusa<br>• sassaaba, -- tamsaasa<br>• jibbeen, -- jaalladha<br>• faarseen, -- tuffadha<br>• gaddeen, -- sirbadha | • sin ceesisuu, -- si liqimsaa<br>• balfi--- jaalladhu<br>• isaa – keeti<br>• sokke—dhufe<br>• ciistee-- kaate<br>• isa kanaa--isa Sanaa<br>• quxisuu – angafa<br>• Asin galagala - Achin galagala | komannaa<br>• Seenee—ba'ee<br>• Sooressa—hiyyeessa<br>• Shittoo—cittoo<br>• Hoo'aa fudhaa—as kennaa<br>• Gudunfamtee—furgaafamtee<br>• Alagaa—lammii<br>• Bushaa—bittaa<br>• Jala—irra<br>• Orma—lammii<br>• Walirratti du'aa—wal gudunfaa<br>• wal deggeraa—wal gurgura<br>• madaa fayyisa—horfa<br>• toshuu—balleessuu<br>• tumtee – harraabdee<br>• mul'ataa,-- dhokata<br>• Dhukkuba -- wal'aansa |

Falmii fiixeewwanii mul'isuu keessatti jechoota hiikaan walii faallaa ta'an bifa gabatee 6ffaa keessatti agarsiifamaniin waloon kun yoo dhimma itti ba'u, gama biraatiin ammoo yaada walaloo keessatti ka'u akkasumas qabatamummaa yaada sanaa bifa humna qabuun ibsuudhaaf jechoota hiikaan hariiroo kallattii qaban hedduus walaloolee kana keessatti fayyadama. Jechoonni moggoo (hiikaan walitti dhiyaatan) kunneenis akka qaama akkaatummaa ykn teeknika waloon kun dhimma itti ba'uu itti yaadamanii kan filataman yoo ta'u suuressi walaloolee kanaa jabaa ta'ee miira dhaggeeffataatti akka mul'atu kan gargaarudha.

Gabatee 7ffaa armaan gadii keessatti jechoonni hiikkaa isaaniin hariiroo qaban walaloolee afran filataman keessaa funaanamuun dhiyaataniiru. Tajaajilli teeknikummaa isaaniis xiyyeeffannoo kennuun dubbisaan ykn dhaggeeffataan yaadicharra akka turu ykn irra deebi'ee akka yaadu taasisuun miireffannaa isaaniitti dhiyoo taasisuudha.

***Gabatee 7: Jechoota lakkuuwwan hiikaan hariiroo qaban***

| *Maraadhu Namanaa* | *Eeyee* | *Ana Anaafi An* | *Malli Maali* |
|---|---|---|---|
| • mataa dhukubbii -- bowwa'aa<br>• gaggaba-- du'a<br>• hadhoofte -- baala eebichaa<br>• fooyyofta-- argattee qoricha<br>• caraanii –alaakii<br>• argaakee jibbu, -- badiikee sirbu<br>• gaddee-- imimmaan lolaasa<br>• hin qorru-- hin | • fooggala—garmaama<br>• fakkana—xirqana<br>• itita—kantara<br>• dhungadha—qabdoo taa'a<br>• guddisuu—mul'isuu<br>• ururuu—sossobuu<br>• quruphisuu—burraaquu<br>• socho'a—warraaqa<br>• nyaadha—dhota | • rafa-kurruufa<br>• falma –mugguta<br>• dukkana—halkan<br>• dammaquu—wareeruu<br>• tareera—fagaateera<br>• itti tuulee—badhaasee<br>• irraa ba'e—gatate<br>• seenaa—yeroo darbe | • hongee—caaamsaa<br>• daggala—caakkaa<br>• labee—sorobee<br>• qoraattii—gobaa<br>• qoramee—diramee<br>• dhukkubsattee—eeltee<br>• daaree—qullaa buusee<br>• mirgisee lalisee<br>• foorica—siiksa<br>• gaadi'uu—loggomuu<br>• gurgurra—horiitti geeddarra<br>• saaqura—balfaa<br>• bokkaan bade—maddi waaqaa gu'ee |

| | | | |
|---|---|---|---|
| dhaamotu<br>• hin qilleensawu--huurriin hin socho'u<br>• wichiroo—bokoka<br>• namooma lagattee-- jinnii wayii taa'tee<br>• feete—jaallatte<br>• fannistee--reebda | • jeekkara—faga<br>• unachuu—dhuguu<br>• qoosuu—munaaguu<br>• korrisuu---xixxiixuu<br>• of-tuula—bokoka | • balaqqama—faltii<br>• falma—morka<br>• rafuu—sillimuu<br>• soba—dhara<br>• darba—tara<br>• ni gabbata—ni mul'ata<br>• du'a – gaggaba<br>• xuroofte—qammante | • gorsanii deebisuu, -- barsiisuu<br>• wallaalaa—doofaa<br>• tufee lafa kaa'e-- ajjeese hin dibanne<br>• xirqantee --bookkistee,<br>• fooggaltee --gadooddee<br>• dhokattee, -- nu baqattee<br>• mul'atee --, hiika argannee<br>• oofkalii --milkaa'ii<br>• gurra itti qeensinee --dhaggeeffanne<br>• xis xinbaa-- kis kod-- jimnee jijim jennee<br>• himu—mammaaku<br>• kaakkisee –hanqaaqu<br>• gandaa gamee --kan deemsa jaallattu<br>• dukkan sobii -- guca ormaan koortu<br>• bubbee--qilleensa |

### 4.4.3 Teeknika addeessa bal'aa (*thick description*)

Teeknikaa biraa gama fayyadama jechootaatiin waloon kuni irratti fuulleffatu yaada tokko ibsuuf akka seenessaa asoosama keessaa jechoota hedduu ykn ibsa bal'aa fayyadamuudha. Walaloolee filataman kana keessatti Zalaalam ergaafi suuressa walaloo isaa xiyyeeffannaa keessa galchuuf teeknika kana kan fayyadame yoo ta'u, waan jecha tokkoon ykn muraasaan ibsamu jechoota hedduu hiikaanis ta'e galumsaan hariiroo qaban fayyadama. Fakkeenyaaf, walaloo *Malli Maali* jedhu keessatti gara jalqabaa jireenya qotee bulaa, wal'aansoo inni jireenya waliin qabu ibsuuf qotee bulaan maal akka hojjetu tokko tokkoon tarreessa. Buufata lammaffaa bo'oo jalqabaarratti *ani qoteen bula* jedha. Hojiin qotee bulaa dimshaashatti beekamaadha; waloon kun garuu dubbisaan akka gidiraa achi keessa jiru miireffatu kaayyeffatee bo'oo jalqabaa irraa eegalee buufata lama ce'ee hanga bo'oo 42ffaatti gochaa isaa tokko tokkoon tarreessa. Teeknikni kun dubbisaan yaadaan akka qotee bulaa waliin qotee aramu, kufee ka'u, hongeen waxalamee yandoon doolla'u, walumagalatti yaadaan waliin miidhamee gaddu taasisuuf gargaara. Jechoota dhimma itti ba'aman kana keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti:

*Akkuma ati beektu**, ani qoteen bula lafa tatarsaasee,***
*Carabaa carabee, bajjii babbaqassee*
*Ganna adoolessaa tiifuun natti tiifee, yandoon na dool'essee*
*Bona hongee keessa caamsaan na xooxarsee,*
*Aramee babbaqee, garagalchee meesee*
*Daggala mataa kaa'ee, caakkaa keessa labee*
*Holqa harka kaa'ee, soroobbaa sorobee*
*Gaagura gaaguruuf funyoon muka yaabee,*
*Ccitte luka dhaabee!*
*Qoraattiin qoramee,*
*Ggobaatiin diramee*
*…………………*
*Fiigee kufee ka'ee riphee itti qaxxisee*
*……………………………*
*Sagaleen itti iyyee laagaadhaa tarsa'ee,*
*Daaree qullaa buusee*
*Quphanee irraa eegee, aggadhee faccisee,*
*……………………..*

*Bututaa du'aankoo ……*
*Waaddii nyaataa itillee, kalaadaa geergoowwanii*
*Dhiiticha tafkiidhaa qarriffaa injiraanii*
*Kana hunda danda'ee qotee itti shooggaree*
*Godoo itti ijaaree diilloo itti sararee*
*Beela'ee dheebodhee, du'ee ilkaan qaree*
***<u>Ani qoteen bulaa</u>, lafa tattaraaree*** (Zalaalam, *Malli Maali*)

Hafee walaloo kanaa irraa akka hubatamu kan toora jalqabaatti waloon "ani qoteen bula" jedhu gochaaleefi jechoota hafee keessatti tarreeffaman hunda kan ammatu yoo ta'u, qofaa dhaabbatee garuu akka ibsa bal'aa (*thick description*) kanaa miraafi suuraa gochaalee kana keessatti duraa duubaan tarrreeffaman hin mul'isu. Lafa tatarsaasuun, carabaa carabuun, bajjii babbaqassuun suuraafi miireffannaa sirrii dubbisaaf kenna. Akkuma kana, jechoonniifi gaaleewwan dhimma itti ba'aman kun ulfaatina hojii qotee bulaa kanaa-- 'muka yaabuu isaa, kufee luka dhabuu isaa, gobaatti diramuu isaa, bineensa ooyiruu isaa irraa ittisuuf yoo fiigu, kufee ka'u, itti qaxxisu arga yaadaan dubbisaan duukaa bu'ee akka ilaalee miireffatuuf, dhukkuba isaa dhukkubsatuuf gumaacha guddaa godhu.

Kanaafuu, jechoota ergaafi miireffannaa jajjabaa baatan filachuun bifa qindoominaafi hariiroo hiikaa qabaniin tarreessuun qalbii dubbisaa bifa dhuunfatuun (*arresting*) dhiyeessuun fuulleffannaa teeknika walaloolee Zalaalam keessaa isa tokkodha. Malli akkasii hedduminaan walaloo isaa hedduu keessatti kan hojiirra oolu yoo ta'u, gosa waan tokkoo bakka tokkotti tuulee dhiyeessuun yaada dubbisaa dhuunfachuun beekama. Fakkeenyaaf walaloodhuma kana keessatti gochaa qotee bulaa hedduminaan tarreessuu qofa osoo hintaane, gosti bineensaafi midhaanii/nyaata walaloo kana keessatti tarreeffame yoomessa walaloofi haala qabatamaa jiru ol kaasee kan mul'isudha. Bineensotaafi ilbiisota adda addaa soddomii sadii (**33**) qotee bulaa kanaan morkan yoo tarreessu addunyaa addaa sammuu namaa keessatti uuma.

*qamalee, booyyee, xaddee, karkarroo, wawwacoo, tuqaa, jaldeessa, focii, qurquraa, canoo, waraabessa, hantuuta, coocira, bineensa daggalaa, geergoo, tafkii, injiraan, sugee, hawwaannisa, sinbira, girrisa, goondaa, goonjiree, qumbursaa, buuqqataa, raammoo, daana'oo, billaacha, gobocoroo, waangoo, saree, waraabessa*

Bifuma walfakkaatuun waa'ee gosa midhaan nyaataa oyiruun isaa oomishuufi gosa dhukkubaa isa gidiru ilma isaa Caaliitti yoo himu teeknikni kun faayidaarra oolee jira. Hafeewwan armaan gadii lamaan kana sirriitti mul'isu. Hafeen jalqabaa kan gosa midhaan nyaataa bara oomishni tole, barri quufa ta'e qotee bulaan utuu hawwuu gibira kaffaluuf jedhee gabaatti baasee gurguruuti. Bifa kanaan tarreeffamuun isaa dubbisaa keessatti fedha addaa uumuun gorora cobsaa akka dubbisu ykn dhaggeeffatu taasisuufi.

*Waaddii boqqolloodhaa yookaan hammacaasaa,*
*kichuu cuuraa buqqee illaanchoo xobbeesaa*
*Galabii lojaasaa raafuu akka jororoo,*
*dafaqaa mimmixaan, buqqee baqqaanasaa waa boqqolloo maroo*
*Qoccoof affeelliisaa dibaasaaf gojjolaa,*
*ukkaamsaa moseedhaa ancootee akka dullaa*
*Silaa waakka dhadhaaf foonii tumaamessa hoolaa,*
*tuntunoo dibichaa re'ee akka xobbaallaa*
*Waakka nadhii dammaa waakka xaafiif coomaa*

Hafeen armaan gadii ammoo walaloodhuma kana keessatti gosa dhukkubaa qotee bulaa gidirsu tarreessa. Kaayyoon bifa kanaan tarreessuus dubbisaan ykn dhaggeeffataan bo'oowwan kana yeroo dubbisu qotee bulaa kana waliin miira dhukkubaa hirmaachuu waliin dhukkubsatee waan qoricha dhabuun nama gootu akka yaadaan qooddatu taasisuufi. Waloon kuni kan jechoota muraasaan dhukkubsadhee qoricha dhabe jedhee waan bira darbuu danda'u tokko akkasitti gosa dhukkubaa hunda tarreessuun walalichi dhiibbaa jabaa miireffannaa dhukkubaa akka qabaatuufidha.

*kan sonbaa sokossu kan tiruu tortorsu*
*kan garaa dubbatu kan kalee cuffatu,*
*kan ilkaan raammessu kan qalbii raatessu*
*kan laphee utaalu kan fincaan cuqqaalu,*
*kan mataa naannessuuf isa qaandilleessu*
*Busaaf golfaa adeemaa, busurxiif waraansa,*
*waakka libaallibbee, weesseef garaa kaasaa*
*yookaan dhiita miillaaf yookaan quufa mormaa,*

Walumaagalatti teeknikni addeessa bal'aa fayyadamuu kuni seeneffama asoosama keessaafi afoola keessatti bifa mul'atuun dhimma tokko gadifageenyaan ibsuun yaadni dubbisaa ykn dhaggeeffataa guutummaan guutuutti dhimmicharra akka ta'u, miiraawwan walaloo keessatti miireffamuu malan dhageettii dubbisaa ykn dhaggeeffataatti dhiyoo akka ta'aniifi kan walaloolee kana dubbisu hunduu qooddataa yaadaafi miira achi keessa jiruu akka ta'u kan dirqisiisudha.

### 4.4.4 Fayyadama Dubbii Qolaa

Akkaataa fayyadama jechootaa keessaa teeknikni waloon kun walaloolee kana keessatti irra jireessaan dhimma itti ba'e dubbii qolaa yoo ta'u fayyadamni kunis jabina ergaa walaloof akkasumas humnaafi hawwannaa inni jamaa biratti qabaatu daran cimsuuf itti yaadamee kan dhimma itti ba'amedha. Walaloolee afranuu keessatti dubbiiwwan qolaa akka teeknikaatti faayidaarra kan oole yoo ta'u hunduma keessatti guutummaan ergaa walaloo bifa iddeessaan (*Metaphor*) dhiyaateera. Waloon *Maraadhu Namanaa* keessatti garee safuu lagateefi safuu kabajuu; *Malli Maalii* keessatti Abbaa bakka bu'aa hawaasa Oromoofi ilma isaa bakka bu'aa dhaloota barnoota ammayyaa baratanii, *Ana Anaaf An* keessatti Oromoo eenyummaa isaa ganamaa dagatee rafuufi isa eenyummaa isaa barbaadu, walaloo *Eyyee* jedhu keessatti ammoo dhaloota Oromoo dhiibbaa afaan alagaa ofirraa faccisu bakka buusuun ergaa dabarsa.

Kana malees, tokkoon tokkoo walaloolee kanaa keessatti iddeessi ergaa gara garaa tumsuuf dhimma itti ba'ameera. Fakkeenyaaf *Maraadhu Namanaa* keessatti safeeffannaa Oromoo mul'isuuf qaama wal-hormaataa dhiiraafi dhalaa maqaa dhawuu lagachuuf jechoota "rarra'aa"fi "maxxanaa" fayyadama. Akkuma guutuu ergaa walalichaa irraa hubannu jechoonni kuni akkuma teeknikaatti waan galuu malaniif hin filatamne. Walalichi ergaa aangoof jecha safuu hawaasummaa cabu bifa cigoon ibsuu irratti waan xiyyeeffatuuf, gabbina yaada kanaaf dhiyaatani. Waa'ee maraatummaa kaasaa akka nama fayyaalessaatti jechoota laguu kana lagachuun seenessaa, yaada fuggisoo walalicha keessatti dhiyaatanii ol baasee mul'isuuf faayidaarra oole. Kanumaanis iddeessa kanaan safuu kabajuu dhiisanii aangoof jilbeeffachuu ceepha'a

*Rarra'aa fi maxxaanaa hundaaf kennu saafuu*
*Akka ittiin wal horee, lammiin akka fufu*
*Gararraa fi gajjallaa uraa uumuu saafuu*
*Gubbasii deeffachaa goodaa dhaa akka dhuufu*

Walaloolee kaan keessattis bifuma walfakkaatuun waanti ibsamu akka xiyyeeffannoo dubbisaa ykn dhaggeeffataa argatuuf iddeessatti fayyadama. Fakkeenyaaf, walaloo ***Eeyyee*** jedhu keessatti irra jireessaan iddeessatti dhimma bahee jira. Guddummaa Afaan Oromoo ibsuudhaaf warra "*leencaa*", "*arbaa*", "*kallachaa*" jedhee hafee armaan gadii keessatti gootummaafi guddummaa uummata Oromoofi ganamummaa afaan isaa bifa humna qabuun ibsuuf dhimma itti ba'a.

*Afaan warra arbaa, afaan warra leencaa, afaan goodaa Baqqoo*
*Afaan warra olgaa, afaan warra kallachaa, afaan warra biddiqqoo*
*Afaan warra barii, afaan iyya 'Bboroo, afaan iyya 'ndaanqoo*
*Afaankoo afaan barii, afaankoo ganamaa*
*Afaankoo mi'aawaa afaan nadhii dammaa!*

Oromoo 'leecaa'n 'arbaa'n bakka buusuun gootummaa isaa yoo ibsu, afaan isaas mi'aawaafi kan ganamaa ta'uu '*nadhii dammaa'* fi '*iyya 'Bboroo'* ykn '*iyya 'ndaanqoo*'n bakka buusee dhiyeessa. Ergaan ijoo walaloo kanaa guddummaa Afaan Oromoo mul'isuudhaan qaama isa xiqqeessuu dura dhaabachuun falmuu waan ta'eef, teeknikni asitti faayidaarra oole kana galmaan ga'uuf gargaara. Kana malees, bo'oowwan gara garaa keessatti Afaan Oromoo "*Utubaa aadaa" "duguggguruu dugdaa*", "*aayya afaan hundaa", "abbayya afaan hundaa", "afaan saba guddaa", "gaachana", "ogina"* jedhee iddeessaan ibsuun ergaadhuma kana qabatamaan il-yaada dubbisaa keessatti suuraa jabaa akka godhatu taasisa. Walaloolee hafan keessattis bifuma walfakkaatuun itti fayyadama.

Dubbiilee qolaa hedduminaan walaloolee filataman keessatti dhimma itti ba'aman biroon akkasaa, arbeessuu, fuggisoo, habalakaafi nameessuudha. Gosti dubbiilee qolaa gara garaa kunis walaloolee sana keessatti dubbii koobuuf, ergaa jabeessuuf, akkasumas hawwannaa dabalanii dhiibbaan walalichaa miireffannaa dhaggeeffataa ykn dubbisaatti dhiyoo akka ta'aniif dhimma itti ba'amani. Fakkeenya hunda isaani fudhatanii asitti dhiyeessuun murteeffama bakkaaf yoo rakkisellee, agarsiiftonni muraasa akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Akkasaan walaloolee kana keessatti qabatamummaa yaadota ibsamanii dabaluudhaaf bifa walbira qabuun "akka gugee, akka Abbayyaa Biiftuu, akka Akkoo Manooyyee"- ***Maraadhu Namanaa*** keessatti, "Akka abbaa galfataa, akka Hoorus, …" ***Ana, Anaaf An*** keessatti, "akka korma didaa, akka sangaa fardaa, akka Shirii Qubii" walaloo ***Eyyee*** keessatti jedhee yaadrimeewwan gara garaa addeessuuf itti gargaaramee jira. Teeknikni kunis suuressa walalootiif gumaacheera. Arbeessuu, fuggisoo, habalakaafi nameessuun bifuma walfakkaatuun hedduminaan kan mul'atan yoo ta'u, keessumaa yaada walii faallaafi waldorgomaa ta'an walaloolee afran keessatti dhiyaatan tumsuudhaaf Zalaalam hedduminaan fuggisoofi habalaka fayyadameera.

## 5 Goolaba

Ganna soddoma dabran keessa finni ogbarruu Oromoo xurree guddinaa abdachiisaa qabachaa dhufeera. Haata'u malee, kallattiin qorannoo ykn qeeqa ogbarruu hanga eegamu hintarkaaffanne. Sadarkaa guddina afaanichaa waliin yoo ilaalamu silaa daangaa ce'ee mul'achuufi addunyaa irratti ogbarruu Afaanota Afrikaa waliin hiriiruu mala. Qorannoon gabaabaa kunis qaawwa kana bu'uureffachuun xurree qorannoo ogbarruu Oromoo kallattii qabsiisuu kaayyeffatee fuulleffannaa teeknika walaloo Oromoo irratti xiyyeeffate. Waloon Oromoo buleeyyiifi dhihoo ogwalaloo Oromoo guddisuu keessatti ifaaja taasisaniifi taasisaa jiran lakkoofsaan hedduu ta'anis, qorannoon kun hojii waloo Zalaalam Abarraa irratti xiyyeeffate. Waloon kun bu'uressitoota walaloo Oromoo ammayyaa keessaa tokkoofi dubbistoota biratti jaalatamaadha. Keessumaa, gama teeknikaanis ta'e ergaan waloowwan Oromoo haraayaatiif nama daggala saaqee karaa agarsiisedha. Haa ta'u malee, akka gumaacha inni finna ogwalaloo Oromootiif taasisetti xiyyeeffannaa qorannoo argateera jedhanii afaan guutanii dubbachuun nama rakkisa. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti teeknikni bu'uura hawwannaa walaloo akka ta'e fudhachuun, walaloowwan isaa filataman afur irratti xiinxala akkaatummaa gaggeessutu yaalame. Xiinxala gaggeeffame kanaanis waloon

kun irra jireessaan teeknikoota suuressa miireffannaa, kallattii seenessa ija tokkoffaa, marmaartuu, filannoofi fayyadama jechoota galumsa duudhaa, lakkuuwwan walii faallaafi moggoo, addeessa bal'aafi dubbiilee qolaa fayyadamuu irratti akka fuulleffatu adda baafameera. Teeknikoonni kunis icciitii hawwannaa walaloowwan isaafi jabina ergaa dabarfamanii akka ta'an hubatameera. Akkaatummaan walaloowwan isaa keessaa ol ba'anii mul'atan hunduu itti yaadamanii ergaa walaloo daran jabeessuuf, qalbii dubbisaa guutummaatti dhuunfachuuf kan dhimma itti ba'aman yoo ta'u, fayyadamni teeknika kamuu ergaa waliin hariiroo jabaa qabaachuutu hubatame. Xiinxalli gabaabaan hojiilee muraasa waloo kanaa irratti gaggeeffame guutummaa teeknikaa ykn akkaatummaa walaloowwan Zalaalam bakka bu'uu hin danda'u. Kanaafuu, xurree kana hordofuun walaloowwan isaa ykn waloowwan Oromoo biroo irratti xiinxala gaggeessuun barbaachisaadha. Qorannoolee walfakkaatu taasisuun finna qorannoo ogbarruu Oromoo gama akkaatummaan jiru jajjabeessuu irra darbee, ogwalaloon Oromoo akkaatummaa ufii qabaachu isaaf kan ragaa saayisawaa dhiyeessu ta'a. Kanaafuu, qorattoonni ogbarruu Oromoo gama kanaan akka qorannoo gaggeessan jajjabeeffamu.

## Wabiilee


Asafa T. (1998). *Anaan'yaa***.** Finfinnee: Branna Printing Enterprise.

Asafa T. (1998). *Edas Edanas*. Finfinnee.

Asafa T. 2009). *Eela*: *Seenaa* oguma *Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Asmarom, L. (1973). *Gada: three approaches to the study of African society*. London: Collier Macmillan.

Caalaa B. (2019). *Itti-Fayyadama Malleen-Dubbii Walaloo 'Miila Kaayyoo'fi 'Maal Kolfa Dhaloonni?' Keessatti:* Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin. Waraqaa Digrii Lammaffaa hinmaxxanfamne: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Caalaa E. (2019). *Qaaccessa Sirba Haacaaluu* Hundeessaa Jirra Jirraa: Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaaniirratti. Waraqaa Digrii Lammaffaa hinmaxxanfamne: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Carter R. and Stockwell, P. (2008). *The Language and Literature Reader*. New York: Routledge.

Fish, S. (1996). *"What is Stylistics and Why are they Saying Such Terrible Things About it?"* in Weber, J. (ed.). *The stylistic Reader from Roman Jackobson to the Present*. London Arnold, pp.95-116.

Habtaamuu B. (2019). *Xiinxala Sirboota Diddaa, Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaanii Sirboota Ittiiqaa Tafarii Saaqi Saanqaafi Itti muddi jedhan keessatti*. Waraqaa Digrii Lammaffaa hin maxxanfamne: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Ibsaa A. (2016). *Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii ogwalaloo Anaan'yaa Keessatti*. Waraqaa Digrii Lammaffaa hin maxxanfamne: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Leech G. and Short M. (1981) *Style in Fiction*. London: Longman.

Leech, G. (1969) A *Linguistic Guide to English Poetry*, London: Longman.

Mekuria B. (2011). *Contours of the emergent & ancient Oromo nation: dilemmas in the Ethiopian politics of state and nation- building*. The Centre for Advanced Studies of African Society (CASAS), Cape Town: South Africa.

Ogungbemi, D. and Ebiarede, T. (2016) "Sound pattern as style" in J. P Clark's "Ozidi and the Rat" *Ijagun Journal of English Language and Literature,.1(1) pp. 27 – 41.*

Short, M. (1996). *Exploring the language of Poems, plays and Prose*. New York: Longman.

Siisaay M. (2019). *Geerarsa Caalaa Bultumee (2008)*: Qaaccessa Diddaa Maastar Pilaanii Gama Fayyadama Afaaniitiin. Waraqaa Digrii Lammaffaa hin maxxanfamne: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Simpson, P. (2004). *Stylistics: A Resource Book for Students*. London: Rutledge.

Sinqinash A. (2019). *Qaaccessa Malleen Dubbii fi Sureessuu Walaloo 'Obomboleetti' Keessatti*. Waraqaa Digrii Lammaffaa hin maxxanfamne: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Soofiyaa H. (2019). *Qaaccessa qabiyyee walaloo sirba diddaa Oromoo*. Waraqaa Digrii Lammaffaa hin maxxanfamne: Yuunivarsiitii Jimmaa.

Tamene, B. (1983). *On Some Oromo Historical Poems*. Paideuma: Mitteilungen zur Kulturkunde: Frobenius Institute. Vol 29, pp 317-325.

Teferi, N. (2015). *The representation of 'Ethiopianness' and 'Oromoness' in two Oromo language novels: "Yoomi Laataa" by Isaayas Hordofaa and "Kuusaa Gadoo" by Gaaddisaa Birruu. Journal of African Cultural Studies*, 27(1), pp 84-97.

Tesfaye, T (2012). Early History of Written Oromo Language up to 1900. *Science, Technology and Arts Research Journa***l.** 1(2) pp. 76-80.

Wainwright, J. (2004). *Poetry: The Basics***.** London and New York: Routledge.
Widowson, H. (1975) *Stylistics and the Teaching of Literature*. Longman: London.
Widowson, H. (1996). "Stylistics: An Approach to Stylistic Analysis" in Weber, J (ed.) *The Stylistic Reader from Roman Jackobson to the Present*. London: Arnold, 138-148.
Zalaalam A. (2017). *Obomboleettii*. Finland: Dhaabbata maxxansaa KTMP Group Korsholm Vasa/Finland.
Zalaalam A. (2003) *Transition from Oral to Written Oromo Poetry*. Journal of Oromo Studies. Volume: 10. Issue: 1.
BBC Afaan Oromoo*: https://www.bbc.com/afaanoromoo/oduu-43153030)*
OBS, Qophii Iyyaafannoo: https://www.youtube.com/watch?v=dj8sxuvOQSw
Walaltu Walalota: https://www.facebook.com/walaltu.walalota